



BARIISAA



Bara - 47 Lak. 17 Bariisaa Caamsaa 24, Bara 2016

Sanbataa

(June 1, 2024) Qar. 10.00



Jalqabbii ajandaa walitti qabuu Magaalaa Finfinneetti

“Eegalamuun ajandaa walitti qabuu milkaa’ina marii ittaanuuf murteessaadha”

- Pirofeesar Masfin Arayaa

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Eegalamuun ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuu milkaa’ina marii ittaanuuf boqonnaa murteessaa ta’uu Komiishiniin Marii Biyyaalessaa ibse.

Komishinara Olaanaan komiishinichaa Pirofeesar Masfiin Arayaa sirna jalqabbii ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuu Caamasaa 21 bara 2016 Magaalaa Finfinneetti jalqabamerratti akka jedhanitti, eegalamuun ajandaa marii walitti qabuu komiishinichi irra ga’e milkaa’ina boqonnaa marii biyyaalessaa ittaanuuf shoora olaanaa qaba. Raawwii hojii komiishinichaa hanga ammaatti

jiruun boqonnawwan maricha afur keessaa lama xumuruun gara boqonnaa sadaffatti ce’ameera.

Komiishinichi dhimmoota garaagarummaa yaadaafi waldhabdeef sababa ta’an adda baasuun marii biyyaalessaan akka furaman taasisuurratti xiyyeeffatee hojjechaa jiraachuu himanii, yeroo ammaa calalliin hirmaattota marichaa xumuramee boqonnaa ajanadaa marichaa walitti qabuura ga’amee ofeeggannoodhaan hojjetameera jiraachuus himaniiru.

Boqonnaan ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuu boqonnaa qaamoleen hawaasa bakka bu’an

Gara fuula 15tti



Ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa Amajjii bara 2017tti ni xumurama

Natsaannat Taaddaasaatiin

Finfinnee: Hojiin Ijaarsa Hidha Laga Abbayyaa erga jalqabamee waggaa 13 ta’eera. Hojiin ijaarsa hidhichaa waliigalaa yeroo ammaa %96 irra ga’eera. Ijaarsa hidhichaa hanga Amajjii bara 2017tti ni xumurama. Ijaarsa hidhichaa %4 hafe xumursiisuun qarshii biiliyoona 40 kan gaafatu ta’uu Gaggeessaan Hojii ijaarsa pirojektichaa Injinar Kifilee Horroo himan.

Baankiin Daldala Itoophiyaa Roobii darbe marsariitii ‘itsmaydam.com’ jedhuufi appilikeeshinii

Gara fuula 14tti



“Oromiyaan booressitoota nageenyaan waan kaleessa qabduufi har’a horatte dhabaa jirti”

- Obbo Shimallis Abdiisaa

Rippoortara Gaazeexichaan

Finfinnee: Oromiyaan waan kaleessa qabduufi har’a horachaa jirtu qaamota nageenya booressaniin dhabaa jiraachuushee Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa ibsan.

Obbo Shimallis waamicha nageenyaa qaamota hidhatee nagaan booressaa jiran daandii nagaatti akka deebi’an,

qaaniifi gadadoo boora’uu nageenyaatiin waggoota shanan darbanitti ummata Oromoorra ga’e ilaalchiseen karaa toora miidiyaa hawaasasaanii ergaa dabarsaniiru.

Hireen yaada bilisaan tarkaanfachiisuu, dirree dorgommii yaadaa umamerratti sagantaa qabsoo siyaasaatiin dorgomuun, aangoo qabachuufi ummata tajaajiluun

Gara fuula 15tti



“Haqa dabe sirreessuuf hojiirra oolmaan haqa ce’umsaa murteessaadha”

- Kaadhimamaa (PhD) Geetaachoo Taaddasaa

fuula 15



Kaampaaniin Booyiingi Waajjirasaa Itoophiyaatti banuuf murteessuun Kaampaanota idila addunyaa biroof karra saaq

fuula 2

Oromiyaatti bara kana barattoonni miliyoona 1.6 ol qormaata kutaa 6ffaa, 8ffaa fi 12ffaa fudhatu

fuula 4

ODUU



Sosochiichaan omisha haaraa sagal gara alaatti erguun danda'ameera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Sosochii “Itoophiyaan haa omishtuu” tiin omishaalee haaraa sagal biyya keessatti omishuun gara alaatti erguun kan jalqabame ta’uu Ministeerri Industirii beeksise.

Ministirri ministeerichaa Obbo Malaakuu Allabal marii abbootii warshaalee waliin Roobii darbe taasisanirratti akka jedhanitti, kaayyoon sosochichaa inni guddaan misooma industiriitiif carraa gaarii biyyattiin qabdutti fayyadamuun omishaaf hudhaalee mudatan karaa qindoomina qabuun furuudha.

Jalqabuu sosochichaa sababa hudhaalee jiraniin rakkoo guddaan ture humnaa gadi omishuu industiriwwaniti kan jedhan Obbo Malaakuu Itoophiyaan osuma waa hunda qabdu sababa akkaataa hojjechuu qabduun hojjechuu dhabuutiin biyya iyyeettii taatedha jedhaniiru.

Akka haasaa Obbo Malaakuutti, misooma industiriif kan ta’u lafa bal’aa , humna namaa hedduu, yoo omishne bitee fayyadamuu kan danda’u uummata miliyoona 120, humna ibsaa gahaa, omisha omishames erguuf kan gargaaru buufata xiyyaaraa biyya hundatti imalu, Gabaa Afrikaa Bilisaa keessattis haalli sochii biyyattii milkaa’ina misooma industiriitiif shoorra olaanaa taphatu.

Hojii hojjetameenis bara bajataa 2016 ji’oottan saglan darban keessatti walumaagalatti omisha industirii qarshii biliyoona 3.1tti tilmaamamu biyyattii keessatti omishameera. Omisha toonii kuma 107 ta’u gara alaatti erguun doolara miliyoona 202 argachuunis danda’ameera.

Barreessaa Olaanaa Mana Maree Gartuu Waldaalee Obbo Afrikaa Zallaqaa gamasaanitiin yaada Gaazexaa Bariisaaf kennaniin akka jedhanitti, Itoophiyaa keessatti industiriwwan carraa hojii uumuudhaan biyya keessatti qabeenya maddisiisuun, omishaalee bu’uuraa dhiyeessuun gahee guddaa taphachuurratti argamu.

Biyyoota hiyyeeyyii akka Itoophiyaa keessatti industiriwwan guddina dinadgeef qofa osoo hin taane tasgabbi hawaasummaafi siyaasaatiif gaheen isaan qaban olaanaa ta’uu kaasanii qabduuwwan seeraa mijatoo uumaman gara hojiitti jijjiiruf qindoominaan hojjechuun barbaachisaa ta’uu himaniiru.

Industiriwwan karaa gurmaa’en gaaffii qaban mootummaaf dhiyeessuu akka danda’anif federeeshinii Industiriwwanii hundeessuuf ajandaan mana mare ministeerotaatiif dhiyaata jajjabeeffamuu kan qabu ta’uu Obbo Afrikaan ibsaniiru.

Miseensi Mana Maree Daldala Magaalaa Finfinnee Obbo Yilmaa Lammaa gamasaanitiin akka jedhanitti, hudhaalee industirii furuuf hojiileen jalqabaman hojiilee jajjabeeffamuu qabaniidha. Haa ta’u malee, deeggarsa industiriwwanif taasifamu keessatti akkuma industiriwwan gurguddoo industiriwwan xixiqqaanis xiyyeeffannoo argachuu qabu.

Kaampaaniin Booyiingi Waajjirasaa Itoophiyaatti banuuf murteessuun Kaampaanota idila addunyaa biroof karra saaqqa

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Kampaaniin Xiyyaaraa Booyiingi sadarkaa Afrikaatti Waajjirasaa Itoophiyaatti banuuf murteessuun Kaampaanota biroof karaa kan saaqu ta’uu xiinxalaan Aviyeeshinii Idila Addunyaa Obbo Yoonataan Mankir ibsan.

Obbo Yoonataan ibsa addatti Gaazexaa Bariisaaf Kamisa darbe kennaniin, qabeenyummaansaa kan Ameerikaa kan ta’e Kaampaaniin Xiyyaara Booyiingi omishu Waajjirasaa sadarkaa Afrikaatti, Itoophiyaatti banuuf murteessuun Kaampaanonni idila addunyaa biroon gara Itoophiyaa akka dhufaniif carraa gaarii uuma jedhu. Murteen Booyiingi hariiroo daldalaafi teknoloojii waggoota dheeraa Daandiin Xiyyaara Itoophiyaafi kampaanichi gidduu dabalaa deemuu bu’uura godhachuudhaan kan murtaa’e ta’uu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Daandiin Xiyyaara Itoophiyaa Daandii Xiyyaaraa biyyoota Afrikaa waliin walbira qabamee yeroo ilaalamu xiyyaara kampaanii Booyiingiin hojjetame bituudhaanis ta’ee meeshaalee suphinsaa galchuudhaan Itoophiyaan adda dureedha.

Ammas Booyiingi hedduu bituuf ajajee jiraachuu himanii; hariiroon kun walitti ida’amee Kaampaanichi waajjirasaa Afrikaa Itoophiyaatti banuuf akka murteessu taasiseera.



Murteen Kaampaanichaa Kaampaanileen biroonis Itoophiyaatti Kaampaaniisaanii akka bananiif carraa gaarii uuma. Yeroo kun ta’u galiin Itoophiyaan sharafaa alarraa argattu akka guddatu taasisa.

Kanaan walqabatee kampaanichi carraa ijaarsaafi guddina ogummaa balaliisuu xiyyaaraa, kenna tajaajila fooyya’aa faana carraa hojii bal’aan dargaggoota biyyattiif akka uumu yoo himan gama biraanis teknoloojii ammayyaa guddina dinagdee biyyaa ariifachiisan hedduu qabatee akka dhufu ibsaniiru.

Kanaafis, hundumtuu gaheesaa ba’uun carraa

kana bu’aa biyyaaf akka oolu hojjechuun murteessaa ta’uu ibsanii gama bu’uraalee misoomaa telekoomii, intarneetiifi humna ibsaa guutamuufin barbaachisaadha.

Kaampaaniin kun guddina aviyeeshinii Itoophiyaa ittidiheenyaan deggersa barbaachisaa akka taasisuuf faayidaan Kaampaanii kanaa olaanaadha jedhaniiru. Dabalataanis, rakkoo aviyeeshinii Afrikaanotaa furuun guddina aviyeeshinii Afrikaanotaa keessatti Kampaanichi ittidiheenyaan deggersa barbaachisaa ta’e akka taasisuuf carraa bal’aa kan uumu yoo ta’u hariiroo biyyoota Afrikaafi Ameerikaanotas nicimsa jedhaniiru.

Ashaaraa magariisaa bara kanaaf naannooleen qophii barbaachisu xumuraa jiru

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Ashaara magariisaa bara kanaa milkeessuuf naannoon Itoophiyaa Kibbaafi Itoophiyaa Giddugaleessaa qophii barbaachisu xumuraa kan jiran ta’uu beeksisan.

Hoggantoonni Biiroolee Qonna naannoolee kunneenii turtii Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin, sagantaa ashaaraa magariisaa bara kanaa milkeessuuf hojiiilee hojjetamuu qaban idileessuun hojjechuun yeroo ammaa boqonnaa qophii bira darbuun gara dhaabbii biqiltuutti kan galan ta’uu ibsaniiru.

Hogganaan Biiroo Qonna Naannoo Itoophiyaa Kibbaa Obbo Hayilamaariyaam Tasfaayee akka dubbataniitti, naannoosaanii bara kana sagantaa ashaaraa magariisaatiin biqiltoowwan akaakuu garagaraa miliyoona 372 dhaabuuf karoofatee hojjechaa jira.

Hanga ammaattis naannichi biqiltuu bunaa miliyoona 32 fi biqiltuu muduraa miliyoona 22 dhaabuun danda’ameera.

Biqiltoota barana dhaabuuf karoofame keessaa dhibbantaan 65 biqiltoota nyaataa fi faayidaa garaagaraatiif oolan yoommuu ta’u, dhibbantaan 35moo biqiltoota uwwisa bosonaa dabaluu qofa oolan kanneen lafa waliiniifi gaarreen irratti dhaabamanidha.

Hogganaan Biiroo Qonna Itoophiyaa Giddugaleessaa Obbo Usmaan Suruur gamasaanitiin akka jedhanitti, sagantaa ashaaraa magariisaa ganna bara kanaaf naannoosaanii biqiltuu miliyoona 500 ol qopheesera.

Ji’a Onkololeessarraa eegalee naannichatti sagantaa qindoomina misooma qonnaatiin



Obbo Hayilamaariyaam Tasfaayee



Obbo Usmaan Surur

hojiin biqiltuwwan kanaan dura dhaabatanii laatinasaniin mirkaneessuufi karoora dhaabbii biqiltuu bara kanaa milkeessuuf iddo biqiltootni dhaabatan, akaakuu biqiltoota dhaabatanii, yeroo itti dhaabatan, eenyunillee akka dhaabatan adda baafamaniiru.

Bu’uura kanaanis biqiltuwwan sagantaa ashaaraa magariisaatiin baroota adda adda keessa naannoosaanitti dhaabatan giddugaleessaan dhibbantaan 85 qabataniiru

Haala qabatamaa naannichaa yaada keessa galchuun biqiltoota nyaataaf, ijaarsaaf, industiriif, alergiifi eegumsa naannoof oolan jechuun adda baasuun baay’inaafi akaakuuwwan biqiltuwwan qophaa’anii murteessuun ji’oota hedduuf hojjetamaa tureera.

Biqiltoota faayidaa hunda galeessa qaban kanneen akka bunaafi muduraa qonnaan bultootni boroo duuba akka dhaabaniif

karoora “30/40” jedhamu baasuun hojjiitti galame kan jedhan Obbo usmaan; karoorichi maatiin qonnaan bulaa tokko waggoota sadi keessatti biqiltuu muduraa 100 akka dhaabu kan taasisudha jedhaniiru.

Naannoosaanitti bu’aaleen kanaan dura qonnaan bulaan sagantaa ashaaraa magariisaatiirraa argachaa jiru, sagantaa ashaaraa magariisaa bara kanaatiifi gara fuulduraatiif carraa guddaadha kan jedhan Obbo Usmaan; biqiltoota kanaan dura dhaabatan irraa qonnaan bultootni galii guddaa argachaa waan jiranif kaka’umsa mataasaanitiin qophiilee sagantichaaf barbaachisan irratti hirmaachaa jiru jedhaniiru.

Duula dhaabbii biqiltuu guyyaa tokkoo kan teknolojiitti fayyadamuun baay’ina biqiltuu dhaabatanii adda baasuun raawwatamuuf jiru raawwachuuf hanqinni ogeessoota naannicha mudachuu akka danda’u akka hudhaatti kaasaniiiru.

Ijoo Dubbii

Mari'ataatu daandii dheeraa waliin imala

Tulluu waldhabdee barootaa dhidhimsuuf Itoophiyaan marii biyyalessaaf onnattee ka'uunshee Itoophiyaanotatti abdi jireenyaa horeera. Bu'aa ce'ii hedduu booda boqonnaan marichaa Finfinneetti gara ajandaa marii walitti qabuutti ce'uunsaa magaalattii carra qabeettii ishee taasisa.

Garaagarummaa yaadaa diigumsa biyyaaf sababa ta'e furuuf hundeeffama Itoophiyaa as tarkaanfilee hedduun hojiirra oolaniiru. Keessattuu humnaan garaagarummaa furuufi yaada lammiilee ukkamsuun tarkaanfiin humnaa fudhatamaa ture tasgabbiifiduurra dhibee biyyattii kirkira hamaaf saaxilee ta'eera.

Tarkaanfiin humnaa garaagarummaa barootaa furuuf fudhataman riqaa jibbaa ijaaraa as ga'uun keessattuu jijjiirama akka biyyaatti mul'ateen waggoota shanan darban keessatti garaagarummaan yaadaa boqonnaa jireenyaaf yaadessaa ta'etti ce'uu danda'eera. Jijjiiramaan walqabatee bal'achuun dirree diimokiraasii yaada ukkaamamee tureef aduu bilisummaa ta'eera. Namni hawaasaafi biyyasaaf bilisummaan akka tajaajiluuf taasifameera. Hidhamtoonni siyaasaa garaagarummaa yaadaan hidhamurraa bilisa ba'uu bira darbee kan biyyaa baqataniifi duuti itti murtaa'ee araaraafi dhiifama argataniiru.

Ta'us rakkoon biyyattii rakkoo barootaa waan ta'eef dirree diimokiraasii bal'ate garaa bal'ina uumuu hin dandeenye. Yaada ofii bilisummaan ibsachuun akkuma jirutti ta'ee namuu kabaja wal dhowwuufi seera kabajuun hafee jibba sanyummaan macha'uun cilee walfaaluu dagaagaa dhufe. Waldhiibuu, qe'eerra walbuqqisuufi ajjeechaan lubbuu Itoophiyummaa hin ibsine bakkoota hedduutti raawwatameera. Gara bal'ina mootummaafi ulfaatina taatewwan wal bira qabuun qaamoleen mootummaa akka dadhabaatti lakkaa'uun biyya diiguuf wixxirfatani heddummachaa dhufan. Ajjeecha qondaaltotaafi namoota bebbeekamoo dabalatee tarkaanfiin biyya diiguu bal'inaan fudhatameera.

Gara bal'inaaf malee mootummaan dadhabaafi fedhiin biyya diigsisu akka hin jirree mul'isuuf mootummaa olaantummaa seeraa kabachiisuu akka danda'u itti mul'iseera. Qaamolee "Nuun alatti biyyi qilee haa seentu" jedhanii diigumsaaf ka'an hunda tolaanis lolaanis adaba qabsiisuuf mootummaan daandii fagoo imaluu danda'eera. Egeree Itoophiyaafi Itoophiyaanotaaf falli jiru marii qofa ta'uu Koomishinii Marii Biyyalessaa hundeesuun kutannoo mariitti amanuusaa mul'iseera.

Lammiileen Itoophiyaa daandii dheeraa waliin imalanii dhufan jireenya hiika qabu caalaatti waliin jiraachuuf fedhii isaan marii biyyalessaaf qaban olaanaa ta'uu Koomishiniin Marii Biyyalessaa yeroo garaagaraa ibsaa tureera. Ummatni kaleessa osoo humnaan cafaqamuu waliin jiraataa ture mirgi walqixxummaafi obbolummaa kabajamaaniif jaalalaan waliin jiraachuun biyyasaa guddisa.

Biyyootni addunyaa rakkoo walxaxaa hanga duguuggaa sanyiitti geesse keessaa ba'uun guddina roga maraan fakkeenya ta'an mariifi marii qofaan. Ruwaandaan waldhabbi duguuggaa sanyii lammiilee miliyoonaatti hiiqanii keessummeessuun ammaan tana tokkummaa jabaan biyya jabduu ijaaruurratti argamti. Afrikaan Kibbaas waldhabbi ummata adiifi gurraacha gidduutti mudate mariin goolabdee araaraan bira taruun har'a Afriikaa keessatti biyya jabduu qabaachuu danda'aniiru. Itoophiyaanis waldhabbi barootaa furuuf yeroo dhumaaf kutannoon kaateetti.

Yaada/Ajandaa

Irreen Qeerroo sirna kana dhale tikfachuufis hiriiruu qaba

Waasihun Takileetiin

Waggoota shan dura Itoophiyaan raafama siyaasaa, gaaga'ama dinagdee fi dachee waldhabdeen siyaasaa keessatti hammaate ta'uun qormaatti ulfaataan yeroo itti keessumeeffamedha.

Qormaata kanaaf ammoo sababa kan ta'e sirni angoorra ture maqaa federaalizimii sobaan ummata burjaajessuun saamicha, hanna, qonnaan bulaa buqqisuun, hiraarsuun hadhaa'ee ta'e ummata gaaga'ama hamaa keessa galchedha.

Hiraarsaan, hanni, saamichii fi dhiittaa mirgaa dhala namaarratti qaqqabaa ture cabuu diduusaan Qeerroon fincila dhoosee wareegama qaalii hanga aarsaa lubbuu gaafatu kaffaluun sirna hattuufi saamtuu hundeedhaan buqqisuun sirni badhaadhinaa walqixxummaa sabaafi sablammii mirkaneessuun federaalizimii diimokiraasii akka lafa qabatu bu'uura buuseera.

Bu'aa qabsoo hadhaa'aa dargaggootaa kan ta'e mootummaan jijjiiramaa gara aangooti dhufuu hordofee fayyadamummaan sabaaf sabalammii federaalizimiiin sabdaneessaa lafa qabataa kan jiru yoo ta'u murnoonni Finxaaleeyyii farra walqixxummaa ta'aniifi walqixxummaan gadaantummaa itti fakkaatu, olaantummaa saba tokkoo afaan tokkoo aadaa tokkoo deebisuuf yommuu wixxirfatani mul'atu.

Sirni mootummaa jijjiiramaa ilaalcha badaa akkasii kan hin keessummeessine waan ta'eef Finxalessummaan farra tokkummaa, walqixxummaafi diimokiraasii eejjennoo jedhuun diimokiraataawaa ta'uun dirqama ta'uusaa hubachiisaafi barsiisaa tureera.

Murnoota walqixxummaa diduun Itoophiyaa biyya amantaa tokkoo, afaan tokkoo, aadaa tokkoo gochuuf jeequuf yaalan irratti kabaachiisa olaantummaa seeraa fudhachuun nageenya waraa biyyaa mirkaneessuuf hojjetaa jira.

Qeerroon kaleessa dheengadda qabsaa'ee sirna hattu hundeedhaan buqqisee balleesse ilaalcha doofaa afaan tokko, aadaa tokko, amantaa tokko jedhu farra walqixxummaa fi tokkummaa waan ta'eef adda durummaan qabsaa'uun dirreerrattis hiriiruun gaachanummaasaa agarsiisuun irraa eegama.

Sirna mootummaa jijjiiramaa kana dhaaluuf wareegama qaalii hanga aarsaa lubbuu gaafatu kan kaffale Qeerroon tikfachuufis kallattii hundaan hiriiraa jira. Sirni kun kan kooti, natu lafeedhaa itti cabee fide, natu lubbuu itti dhabe jedhee caasaa nageenyaa, gaachana sirnaarraa hanga Raayyaa Ittisaa Biyyaa keessatti hiriiruun nageenya biyyasaa kabachiisuun fayyadamummaasaa mirkaneeffaataa jira.

Dargaggummaan umrii biyya ofiif wabii itti ta'an, umrii walabummaa biyya ofii itti kabachiisan waan ta'eef waamicha jaalala biyyaaf tasifamu keessatti adda durummaan hirmaachuun aantummaasaanii agarsiisuu qabu.

Tibba kana kutaalee Oromiyaa, Amaaraa, Agaw, Si daamaa, Walaayittaa, Affaar, Sumaalee, Beenishaan gul fi Ummattoota Kibbaa keessaa dargaggoonni baba'an sirni mootummaa jijjiiramaa bu'aa dhiigaaf lafee kootii tikfachuun qaba, dirqamni imaanaa biyyaa narra jira, eejjennoo jedhuun kabajamuu walabummaa biyyaaniif waamicha mootummaan taasiseefin fedhiin Raayyaa Ittisaa Biyyaatti makamaa jiru.

Faallaa mootummaa jijjiiramaa kana kan deeman Finxaaleeyyii fakkaattonnisaniin maqaa tokkummaan olaantummaa saba tokkoo, amantaa tokkoo barri itti dhume deebisuuf dhama'an bu'aa dhiigaaf lafee Qeerrooti baacuudha kan jedhan Dargaggoonni sadarkaa caasalee nageenyaa gara garaa keessatti hirmaannaa taasisuun jaalala



biyyasaaniif qaban qabatamaan agarsiisaa jiru.

Jijjiiramichi kan kooti, eejjennoo jedhuun hedduun Raayyaa Ittisaa keessatti qooda fudhachuun qorra, rooba, baddaa gammoojii, beela'e dheebodhe jedhanii haalotaan osoo of hindaangessiin wareegama hadhaa'aa hanga lubbuusaanii qaalii dhabaniitti daangaa fi walabummaa biyyaani kabachiisaa kan jiran yoo ta'u kabajni guddaa kan maluufidha.

Caasaleen nageenyaa hirriba dhabanii lammiileen hirriba nagaa qabu akka rafan hojjetatani akka of jijjiiran nagaan ba'ani nagaan akka galaniif dirqama jaalala biyyaa fi lammummaasaanii haalaan ba'ataa kan jiran yoo ta'u, ammas dhaloota itti aanu itti fufsiisuuf walabummaafi nageenya waraa biyya ofii mirkaneessuuf ammas Raayyaa Ittisaa keessatti hiriiruun barbaachisaadha.

Waamicha Raayyaa Ittisaa keessatti makamaa jedhu gaaraa gad bu'e hordofee dargaggoonni hedduun galmaa'aa, leenji'aa jaalala biyyaaf dirqama lammummaasaanii ba'ataa kan jiran yoo ta'u ammas, sadarkaa biyyaatti haala ho'een itti fufaa jira.

Raayyaa Ittisaaatti makamuun itti gaafatamummaa guddaafi imaanaa ulfaataa biyyi ofii namatti laatte eegu, tiksuufi kunuunsuun dhaloota dhufutti dabarsuu yoo ta'u hirmaannan dargaggootaan taasifamaa jiru daran kana nama jajjabeessu, of caalaa jaalalala biyyaaf waardiyyaa kan dhaabatan hedduu ta'uu kan agarsiisuudha.

Dargaggootaa sirnaa kana dhaluuf wareegamni qaalii hanga aarsaa lubbuu gaafatu kaffalamaa tureera, sirni kun bareedes fokkisee bu'aa dhiiga obboleeyyan keenya kumaatamaa ta'uu dagatamuu hinqabu. Imala jijjiiramaa keessa rakkoon, hanqinni jirachuu danda'a. Qaawwa xixiqqaa mul'atan ilaallee bu'aa dhiiga obboleeyyan keenya gatii dhabsiisuun ykn ammoo dabarsinee laachuun bor seenaa keessatti nu gaafachiisa.

Sirna itti dhiignee lafeedhaa itti cabne, lubbuu keenya qaalii itti wareegnee finne kara deemaaf dabarsinee laachuun dhaloota guddinarra jiru gabrummaaf saaxiluu waan ta'eef sirna dhiignee finne hiriirree tiksuu fi diimokiraasiiin dhugaa, federaalizimiiin sabdaneessaafi walqixxummaan sirrii akka lafa qabatu mootummaa wajjin dhaabanne kabachiisuun dirqama lammummaa keenya ba'achuu qabna.

Walumaagalatti Itoophiyaan biyya sabaaf sablammii, amantii, aadaa, afaan fi cenyummaa gara garaa qaban waldanda'anii keessa jiraatan yoo taatu walabummaashee, daangaashee kabajamee sodaatamee akka jiraatuuf hariiroon diippilomasii biyyootan biroo waliin isheen qabduu akka cimuu dargaggoonni keenya har'as akkuma kaleessaa raayyaa ittisaa keessatti hiriiruun dirqama gaachanummaafi jaalala biyyaa qabu bahachuun nurraa cegama.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeesaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU



Doktor Tolaa Bariisoo

Oromiyaatti bara kana barattoonni miliyoona 1.6 ol qormaata kutaa 6ffaa, 8ffaafi 12ffaa fudhatu

Waasihun Takileetiin

Finfinnee: Duula misooma barnootaa guutuu Oromiyaatti banameen yeroo ammaa naannichaatti baay'inni manneen barnootaa kuma 30, barsiisonni kuma 300fi barattoonni miliyoona 11.6 dhaqqabuu ragaan Biiroo Barnoota Oromiyarra argame ni mul'isa.

Hogganaan biirichaa Doktor Tolaa Bariisoo ibsa kaleessa kennaniin akka jedhanitti, Oromiyaatti bara kana barattoonni miliyoona 1.4 qormaata kutaa 6ffaafi 8ffaa kan fudhatan yommuu ta'u, barattoonni 246fi 575 ammoo qormaata kutaa 12ffaa fudhachuuf qophiirra jiru.

Akka ibsasaaniitti, qormaata sadarkaa naannoofi biyyalessaatti kennamu kanaaf qophiin gahaa kan taasifame yommuu ta'u, barana qormaanni kutaa 6ffaa sadarkaa naannootti yeroo jalqabaaf kennamuu eegala. Haaluma kanaan waraqaan qormaataa gara giddugala qormaataatti kan raabsamuufi qormaatichi walduraa duuba yeroo taa'ee fiin kan kennamu ta'a.

Qormaatni biyyalessaa kutaa 12ffaa bara 2016 karaa lamaan kan kennamu ta'uu himanii; manneen barnootaa filataman 40 keessatti karaa onlaayinii, isaan hafan ammoo haaluma kanaan dura baramaan akka gaggeeffamu ibasniiru.

Bakka qormaanni itti kennamu ilaalchisee barattoonni manneen barnootaa keessatti baratanitti osoo hintaane giddugala isaaniif qophaa'e keessatti akka qoraman taasifamu.

Itti fayyadama kompiiwutaraan walqabatee rakkoon akka hin uumamneef gamanumaa akka shaakalan taasifamuu eeranii, haaluma kanaan magaalota rakkoon interneetiifi dhiyeessiin kompiiwutaraa gahaa ta'e keessatti argaman kan akka Jimmaa, Adaamaa, Shaggar, Bishooftuufi bakkeewwan yunivarsiitiwwan mootummaa itti argaman 14 keessatti onlaayiniin kan kennamu ta'uu dubbataniiru.

Manneen barnootaa 40 keessatti qormaanni kutaa 12ffaa karaa onlaayinii kan kennamu bakkeewwan dhiyeessiin kompiiwutaraafi interneetiin gahaa ta'e argamutti ta'uu yoo himan; haala kanaan barattoota kuma torba kan keessummeessan ta'uu ibsaniiru.

Haaluma kanaan sagantaan qormaata sadarkaa naannoofi biyyaatti kennamu kan bahe yoo ta'u, kutaan 6ffaan Camsaa 29fi30, kutaa 8ffaan Waxabajjii 4fi 5 qormaanni biyyalessaa kutaa 12ffaa ammoo Adoolessa 3-5tti kan kennamu ta'uu himaniiru.

Barsiisonni qormaaticha qoruuf filataman leenjii fudhatanii kan bobba'an yoo ta'u, qormaatichi karaa nagaan kennamee akka xumuruuuf caasaan nageenyaa bobba'uufi hawaasnis qaamolee nageenya tumsuu akka qabu dhaamaniiru.

“Oromoon Oromoo ajjeesuun bilisummaan dhufu hin jiru”

- Miseensota ABO Shanee harka kennatan

Rippoortara Gaazexichaan

Finfinnee: Oromoon Oromoo ajjeesuun Oromoo bilisoomsuu osoo hin taane gara garbummaatti wal deebisuudha jedhan Miseensotni garee ABO Shanee harka kennatan.

Miseensonni kunneen sochiin ABO Shanee dhuguma qabsoo siyaasa bilisummaa isaanitti fakkaatee kan itti makaman ta'uu himanii: erga keessa seenanii booda gochaan ABO Shanee gochaa uummata saamuu, shororkeessuu, ajjeesuu, buqqisuu akka ta'ee hubatanii garicha keessaa bahanii mootummaaf harka kan laatan ta'uu dubbataniiru.

Waraanni ABO Shanee mataasaatiin waraana tokkumma fi ejjennoo hinqabnedha kan jedhan miseensonni kun waraanichi mataasaatiin laga lagaan wal qoodee wal nyaachaa jiraachuu himanii: lafa deemaan hundatti uummata Oromoo araara tokko malee daraaraa, ukkaamsuun qarshii gaafachaas jira jedhaniiru.

Barnoota keenya adda kunnee waraanichatti kan makamne, hiriyootti keenyas kan nu biraa harca'an qabsoof jedhameeti malee Oromooratti gidiraa raawwachuuf miti, kan jedhan miseensonni kunniin “dhaqii haadhakee ajjeesi jedhame ajajni naaf kennamaan ajaaja naaf kenname raawwachuuf dirqaman qaba waan



ta'eef gara laafina tokko malee dhaqee ajjeesa, Kanaaf haadhoolii ajjeesaa turre, maanguddoota waggaa 80 ol ta'anis ajjeesaa turre”. qabsichi sirrii waana hintaaneef harka kennachuuf dirqamuu kaasaniiru.


Maqaa qabsootiin Oromootu Oromoo ajjeesaa jira kan jedhan miseensotni kunneen Oromoon tokko Oromoo ajjeesee reeffasaarra dhaabachuun dhaadachuun naafummaadha malee gootummaa miti jedhan.

Sochiin garee kanaan taasifamu Oromoo lafarraa duguuguu malee Oromoof faayidaa tokkollee hin buusu kan jedhan miseensotni kunneen gochaa raawwachaa turanitti

gaabbuun uummata Oromoo hunda dhiifama gaafataniiru.

Hoggantoota garichaatiin ajajamnee nama lubbuun jiru osoo na hin ajjeesinaa jedhee iyyuu qabnee abidda keessa buusaa turre, gochaa kanarraa kan ka'e malkaafi tulluun nuuf hin kadhatamu: gochaan akkasii abaarsa hamaa ta'uus yaadachiisaniiru.

Miseensonni garee kanaa ammallee bosona jiran akkuma isaanii gochaa ABO Shanee sirriitti xinxalanii ilaalanii mootummaatti harkasaanii kennachuun deebi'anii qe'eesaanitti galanii maatiisaanii akka tajaajilan miseensonni harka kennatan kunneen waamichasaanii dhiyeessaniiru.



Shawaa Kaabaatti xaa'oon kuntaalli kuma 200 qonnaan bulootaa rabsame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kaabaatti omisha qonnaa ganna dhufuuf xaa'oo kuntaalli kuma 200 qonnaan bulootaaaf kan rabsame ta'uu waajjirri qonna godinichaa beeksise.

Ittigaafatamaan Ittaanaa waajjirichaa Obbo Hirphaa Addunyaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, omisha qonna ganna baranaatiif godinichi xaa'oo kuntaala kuma 547 qonnaan bulootaf dhiyeessuuf karoofatee hanga ammaatti kuntaala kuma 200 dhiyeessuu danda'eera.

Akkaataa Agro Ikoloji godinichaatiin yeroo ammaa godinichi facaasaa mishingaafi boqqoolloo kan xumure yommuu ta'u, torbe dhufuu eegale ammoo facaasaa garbuutu itti fufa. Facaasaan sanyii midhaanii godinichatti

bal'inaan kan raawwatamu ji'a Waxabajjii keessadha.

Akka Obbo Hirphaatti, haalli dhiyeessii xaa'oo baranaa kan bara darbeerra fooyya'iinsa qabaatus, ammas haalli raabsa xaa'oo naannoorraa gara godinatti yommuu taasifamu harkifannaa qaba.

Xaa'oo godinicha qaqqabe kuntaala kuma 220 keessaa kuntaalli kuma 200 rabsameera kan jedhan Obbo Hirphaan; hojmaata raabsa xaa'oo akka biyyaatti jalqabametti fayyadamuun karaa haqa qabeessaafi kontirobaandii xaa'oo hambisuu danda'amuun godinichatti hojiin rabsaa xaa'oo raawwatamaa jira jedhaniiru.

Kontirobaandii xaa'oo hambisuuf tokkoon tokkoon qonnaan bulootaa lafa hagamii qonnaaf akka qopheessan adda baasuun fedhiifi hanga lafa qonnaan bulootni qopheeffatanii wal madaalchisuun hojiin rabsaa hojjetamaa jira.

Kanamalees, kaffaltii qonnaan bulootni xaa'oof kaffalan karaa mana baankii akka kaffalan gochuun hordoffii gadifagaataa taasisuun kontirobaandii xaa'oo ittisuun hojjetamaa jira kan jedhan Obbo Hirphaan ;hordoffii taasifamaa jirunis xaa'oo seeraan ala daddabarfamaa ture kan too'atame ta'uu ibsaniiru.

Ittifayyadamaa xaa'oorratti fedhiin qonnaan bulaa godinichaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira kan jedhan Obbo Hirphaan; fedhiin qonnaan bulaa bara darbe kuntaala kuma 350 turerraa barana gara kuntaala kuma 547tti kan guddate ta'uu ibsaniiru.

Sababa rakkoo nageenyaatiin dhiyeessiin xaa'oo akka hingufanne gochuufis humna Raayyaa Ittisa Biyyaa fayyadamuun imalsiisufi magaalotarratti kuusaa xaa'oo babal'isuun hojjetamaa jiras jedhaniiru.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Caamsaa 24 Bara 2016



**Biyyi tokko marii
biyyaaleessaa yeroo tokko
qofaa waan geggeessituuf
of eeggannoo cimaan
taasifamuu qaba**

fuula 13

**“Manni Murtii Olaanaa
Shaggar naamusa
ogummaa ofiisera seeraan,
haqni maallaqaan akka
hinsharafamne moosaajiin
hordofa”**

*- Obbo Kumalaa Buusaa
(Pirezidaantii mana murtichaa)*

fuula 6



**“Loowwan aannanii wabii nyaata
maatii mirkaneessuurra darbee
madda galii nuuf ta'eera”**

- Obbo Saahilee Bartaa

fuula 11

KEESSUMMAA BARIISAA

“Manni Murtii Olaanaa Shaggar naamusa ogummaa ofiisera seeraan, haqni maallaqaan akka hinsharafamne moosaajiin hordofa”

- Obbo Kumalaa Buusaa (Pirezidaantii mana murtichaa)

Waasihun Takileetiin

Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar Lakkoofsa Danbii 233/2015n kan hundaa'e yoo ta'u, hawaasni aanaaleefi kutaalee magaalaa Shaggar hunda keessa jiraatu tajaajila murtii haqa qabeessaafi si'ataa akka argatu taasisuuf kan dhaabatedha.

Tajaajila mana murtii idileen cinaatti mana murtii aadaa aanaalee hunda keessatti hundeessuun Oromoo dabalatee sabootni biroo Magaalaa Shaggar keessa jiraatan dubbiirraa misoomatti akka deebi'an gochaa jira.

Sochiin kenniinsa tajaajila seeraa idileefi aadaan jiru maal fakkaata? haqni haqaan deebi'uu osoo qabuu abbootiin seeraa naamusaan ala maallaqaan haqaaquuf yaalan waan jiraniif tajaajilli seeraa haqa qabeessa kennuuf tarkaanfin fudhatamaa jiru maal fakkaata? Isa jedhuuf Pirezidaantii Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar Obbo Kumalaa Buusaa keessummaa Gaazexaa Bariisaa torban kanaa taasisanneerra.

Kenniinsa tajaajila seeraa waliigalaa Shaggaritti kennamaa jirurratti xiyyeeffachuun gaafdeebi' Obbo Kumalaa waliin taasisne akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineerra oluma nooraa kunooti.



Bariisaa: Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar yoom hundaa'e?

Obbo Kumalaa: Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar bu'uura danbii lakkoofsa 233/2015 kan hundaa'e yoo ta'u aanaaleefi kutaalee magaalaa hunda keessatti tajaajila seeraa kennaa jira.

Manni murtichaa gurmaa'ina bu'uura labsii lakkoofsa 2016/2011 baheen aangoofi hojii manneen murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin murteessuuf baheen tajaajila abbaa seerummaa kan kennudha.

Kenniinsi tajaajila seeraa haqaaf haqa qofa giddugaleeffatee murtee kennamu yoo ta'u, bu'uura naamusa seeraan akka Magaalaa Shaggaritti haqni haqaan malee maallaqaan kan hinsharafamne akka ta'uuf humna guutuun hojjetaa jira.

Bariisaa: Kayyoon hundeeffama Mana Murtii Magaalaa Shaggar maaliidha? Maalis hojjechaa jira?

Obbo Kumalaa: Hundeeffamni Mana Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar Magaalaa Finfinnee keessatti dhimma dantaa naannoo Oromiyaa walqabatanirratti aangoo abbaaseerummaa kan qabu, Mana Murtii Aanaa tokko (Mana Murtii Aanaa Magaalaa Finfinnee) hundeessuun tajaajila abbaa seerummaa kennaa jira.

Bariisaa: Caasaan gurmaa'ina mana murtichaa maal maalidha?

Obbo Kumalaa: Manni Murtii Magaalaa Shaggar kun murtiin akka hindabne haqni abbaa haqaaf ejjennoo jedhuun dhugaaf kan dhaabate yoo ta'u, Mana Murtii Olaanaa tokkoofi Manneen Murtii aanaalee, kutaalee magaalaa 12fi magaalaa Finfinneerratti ammoo Mana Murtii Aanaa tokkoo hundeessuun hojjetaa jira.

Bariisaa: Kenniinsi tajaajila seeraa idileerratti yakkiifi dhimmoonni furmaata seeraa barbaadan irra

deddeebiin mudatan maal fa'i?

Obbo Kumalaa: Akkuma beekamu Magaalaa Shaggar Finfinnee marsitee kan jirtu ta'uusheen walqabatee yakki irra deddeebiin ilaalamaa jiru dhimma weerara lafaafi lafa akkasumas hanna wajjin kan walqabatuudha.

Bariisaa: Mani Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar hundaa'uunsaa keessumaa qonnaan bulaan lafasarraa akka hinbuqqaneef waan hojjete yoo jiraate?

Obbo Kumalaa: Manni murtii kun hundaa'uunsaa keessumattuu saamichaafi malaanmaltummaa lafa qonnaan bulaarratti qaqqabaa ture maqsuu, to'achuufi olaantummaan seeraa akka lafa qabatu taasisaa kan jiru yoo ta'u, wabii lammiilee ta'ee tajaajilaa jira.

Kanamalees lammiileen haqa haqaan akka argataniif amalli fafee maallaqaan haqa sharafuuf yaalamu akka maseenuuf Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar aantumman hojjeta. Yeroo ammaa saamichi lafaa seeraan alaa, hanniifi yaaliin haqa maallaqaan argachuuf taasisamuu hafaa jira.

Bariisaa: Dhimmoonni lafaan walqabatanii keessumaa'aa jiran kunniin maal fa'i?

Obbo Kumalaa: Weerari lafaa jira, lafa tokkorratti namoota garaa garaaf kaartaa kennuufi aangoo dahoo godhachuun saamicha lafaa geggeessuun yakkoota lafaan walqabatanii darbanii darbanii mul'achaa jiraniidha.

Bariisaa: Yakkoota dhimma lafaan walqabatanii magaalaa Shaggaritti mudachaa jiran seeraan furuuf murtii haqa qabeessa akka argataniif xiyyeeffannoon jiru maal fakkaata?

Obbo Kumalaa: Ogummaan seeraas ta'e naamusnisaa kenniinsi tajaajila haqaa haqa qabeessa ta'e abbaa haqaaf akka deebi'uu

qabu waan akeekkachiisuuf hamma danda'ametti murtiin qulqulina qabu hojiirra akka oolu taasisamaa jira.

Bariisaa: Falmiifi murtiin darbu iftoomina akka qabaatuuf haqa dabsuun akka hinmudanneef falli taa'e yoo jiraate?

Obbo Kumalaa: Itti fayyadamni teknoloji walfalmiin ifaaf ifatti gaggeeffamu hojiirra ooleera. Haqni akka hindabneefi maallaqaan akka hinsharafamneef teknoloji kanaan hordofama. Kanamalees ofiiseroota naamusaa hundeessinee haqni akka hindabne dhugaan abbaa haqaaf akka deebi'uu hojjetaa jiru.

Inispekshiniin ykn hordoffiin yeroorra yerootti gaggeeffamu komii, qeeqaafi alseerummaa mudatan sakatta'uun qaama kamirrattuu olaantummaan seeraa akka fudhatamu taasisamaa jira.

Bariisaa: Ga'een hojii Ofiisera naamusaa maalidha?

Obbo Kumalaa: Akkuma qondaala naamusaa abbaan seeraa ykn abbaan murtii haqa dabsee yoo argame ykn ammoo maallaqaan haqaaqee yoo argame hordoffiifi qorannaa gaggeessuun itti gaafatamummaa akka fudhatu kan taasisaniidha. Gabaabumatti alseerummaa murtii dabsuun walqabatee mudatu maqsuufi hordoffiifi deggarsa kennuuf kan dhaabataniidha.

Bariisaa: Dhaddachi lafaan walqabatu kun irra jireessaan dhimma qonnaan bulaafi lafasaan walqabatan ilaala, qonnaan bulaan yaadasaa sirriitti ibsachuu wayita dadhabutti kenniinsi tajaajila seeraa tola kennamuuf yoo jiraate?

Obbo Kumalaa: Dhugaa dubbachuuf qonnaan bultootaafi harka qalleeyyii yaadasaanii ibsachuu hindandeenyeef tajaajilli seeraa tola kennaamaafi jira.

Tajaajilli kun baasii kan isaan hingaafanne kanamalees haqnisaanii yaadasaanii ibsachuu dhabuufi maallaqaan akka hindabneef deggarsa ogummaa kennamudha. Sochiin kun abbootiin dhimma haqnisaanii akka jalaa hin ukkaamfamne deggarsa ogummaa seeraa kennuun tajaajila seeraa tolaan akka argatan taasisaa jira.

Gabaaabumatti abbootiin dhimmaa beellama qaban gara mana murtiitti wayita dhufanis dabareensanii akka isaan jala hindabarreef koreen dhimmasaanii kana hordofee abbootii dabaree sa'atii isaaniiif ramadameen bakka itti keessummaa'anitti maqaasaanii waaamuun akka of qopheessan bakka itti barbaadaman agarsiisuuf burjaajiin akka hin uumamne gargaaru.

Kanamalees abbootiin dhimmaa haqa haqaan malee maallaqaan akka hinbitanneef yoo hojmaanni fafee akkanaa isaan mudatemmo bilbila tolaan eeruu kennuun hanna isaanirra qaqqaburratti akka qabsaa'aniif manni murtichaa kutannoon hojjetaa jira.

Manni Murtii Olaanaa Magaalaa Shaggar “haqni haqaan malee, maallaqaan hinsharafamu” kutannoo jedhuun tajaajila seeraa si'ataa, qulqullina qabuufi teeknolojiin deggarame akkasumas hawaasa murtee haqa qabeessa barbaaduuf wabii kan ta'u waan ta'eef hojmaata badaafi harka qalleeyyii dhugaan jalaa haqaaqameef kan dhaabatudha.

Bariisaa: Abbootiin seeraa haqa maallaqaan jijjiiran hinjirani laata? Dhugaa kan dhoksan faallaa naamusa ogummaa kan hojjetan seeratti dhiyeessaa jirtu yoo ta'e?

Obbo Kumalaa: Abbootiin seeraa haqa maallaqaan sharafan jiru, isaan kana kan hordofus jira, kanamalees eeruu kallattii gara garaan nuuf kennamuunis duukaa

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Manni Murtii Olaanaa Shaggar naamusa ogummaa ...

buunee seeratti dhiyeessaa akkaataa badiisaaniitiin tarkaanfii fudhataa jirra, kun boris itti fufa.

Hordoffii gama kanaan taasifameen ragaa qindeessuun tarkaanfii akeekkachiisa barreeffamaa hanga hojiirraa gaggeessuutti kan irratti fudhatame jira. Dhugaa dubbachuuf uummata dhugaan jalaa badee dhugaa barbaacha dhufe dhugaasaa dhoksuun, haqasaa maallaqaan haqaquun naamusa badaa seeraanis seenaadhaanis fudhatama hinqabnedha.

Abbaan murtii dhugaaf dhaabatee dhugaaf falmee fakkeenya ta'uu osoo malu naamusa faallaa ogummichaa dhaabachuun sirrii miti, seeraanis waan nama gaafachiisuuf waan akkasiif har'as borus obsa hinqabnu.

Bariisaa: Murtee darburratti komiin loogin akka hinmudanneef ittifayyadamni teknoloojii hordoffiin itti taasifamu hojiirra oole yoo jiraate?

Obbo Kumalaa: Kenniinsa tajaajila mana murtii Shaggar dijitaalaa ykn teknoloojiin kan deggarameedha jechuun nidanda'ama. Falmii guyyaa guyyaan taasifamu, murtee darbuufi sochiileen guyyuu karaa diijitaalaa hordofamu.

Ani fakkeenyaaf biiroo koo keessa taa'een sochii mana murtii Shaggar keessa jiru mara nan hordofa, alseerummaan, hanni, haqa dabsuun kan calaqqisu taanaan salphaatti to'atamuu danda'a jechuudha.

Gabaabaatti deddeebiifi baasii humnaa olii kanamalees kenniinsa murtiiratti beellama har'aa boruun dheeratuun dhamaatee qaqqabu hir'isuuf falli itti fayyadama teknoloojii moosaajii hundaa'uun mana murtii aadaa Shaggar keessatti shoora olaanaa taphataa jira.

Bariisaa: Abbootiin dhimmaa beellamasani karaa diijitaalaa akka hordofatan sa'aatii walfalmii bakka dhaddachaa akka beekaniif deeggarsi taasifamu jirra laata? Abbootiin dhimmaa tarii dubbisuufi barreessuu yoo hindandeenye akkamiin deggaramu?

Obbo Kumalaa: Koreen dhimma abbootii dhimmaa kana karaa dijitaalaa hordofee beellamasani guyyaa falmiifi sa'aatii isaan beeksisu jira. Guyyaan beellamasaniifi sa'aatiinsaa isaanitti himama, maqaa abbootii dhimmaa dijitaalaa dubbisuun bakki dhaddachaa eessa akka ta'e isaan beeksisuun tajaajila tolaa kan kennan hojiirra jiru.

Kanarraa kan ka'e dhamaatiin abbootii dhimmaa dubbisuu dhabuun, afaan wallaaluun mudatu hir'ataa jira. Gabaabaatti faddaalaan abbootii dhimmaa burjaajessuu, maallaqaan haqasani dabsuuf yaaluun hir'ataa jira. Isa kanaaf immoo humna kan ta'e hojiirra oolmaa tajaajila kenniinsa seeraa dijitaalaa Shaggar keessatti hojiirra ooleedha.

Bariisaa: Itti fayyadamni moosaajii manneen murtii magaalaa Shaggar keessa jiranirratti hojiirra ooluunsaa faayidaa akkamii qaba?

Obbo Kumalaa: Tajaajiloonni diijitaalaa moosaajimmo abbootiin dhimmaa oliyyannoo kan qaban yoo ta'e, manneen murtii sadarkaa sadarkaan jiran teknoloojii kanaan ragaalee barbaachisoo akka walii



dabarsan kan taasisuudha.

Dhimmi seeraan qabame tokko mana murtii tokkorraa isa biratti moosaajiiin yoo daddarbu ragaaleen qabxiileen jalqabaa kaasee hanga oliyyannoon kennameetti qindaa'an kallattiin mana murtii oliyyannoon itti gaafatameetti waan dabarfamaniif hojii salphisu jechuudha.

Bariisaa: Manni murtii aadaa akka Oromiyaatti hojiirra akka oolu taasifamuun niyaadatama, akka Shaggaritti maalirra jira laata?

Obbo Kumalaa: Tajaajilli mana murtii aadaa aanota magaalaa Shaggar 36 keessatti hojiirra ooleera, kanamalees tajaajila eegaluun uummanni dubbiirraa misoomatti akka deebi'u godheera.

Bariisaa: Tajaajilli mana murtii aadaa kun hawaasaaf bu'aa akkamii qaba?

Obbo Kumalaa: Baasii humnaa olii, karaa fagoo deemanii walfalmuu, qisaasa'ina yeroo deddeebii maqsuun gaaddisa seeraa balbala ofiitti argamutti tajaajila seeraafi murtii qaamota walfalmu lamaan qixa gammachiisu dabarsuun hawaasni dubbiirraa gara misoomaatti akka deebi'u kan godhudha.

Gama kanaan dhamaatiin dhimmamtootaafi abbootii seeraa kan salphate yoo ta'u, tajaajilichi hawaasa biratti fudhatamummaa guddaa argateera. Akka magaalaa Shaggaritti bara kana dhimmoota seeraan qabaman 3,368 keessaa 2,890 ykn dhibbantaan 85 mana murtii aadaan furamuu danda'aniiru.

Bariisaa: Tajaajilli manaa murtii aadaa kun qulqullinarratti maal fakkaata? Hordoffiin taasifanis maal fakkaata? Tarii loogin achitti mudachuu hindanda'uu laata?

Obbo Kumalaa: Dhugaa dubbachuuf tajaajilli mana murtii aadaa kun ilaaf ilaameen kan furamu yoo ta'u, kan idileerra fudhatamummaa guddaa argataa jira. Sababnisaa murtiin kennamu inni miidhes inni miidhames karaa walitti hinbuunee jibba hir'isee jaalala waloosaanii itti fufsisuun kan raawwatudha.

Aadaan walddhabdee ilaaf ilaameen xumuruu kun tokko miidhamaa tokko miidhaa godhee kan gaggeessu osoo hintaane lamaanuu qixa tajaajila argachuun araari bu'ee hariiroon hawaasummaa ganamaa akka deebi'u kan taasisudha.

Bariisaa: Manni murtii aadaa ba'aa mana murtii idileerra jiru furuu keessatti shoora attamii taphataa jira laata?

Obbo Kumalaa: Manni murtii aadaa ba'aa mana murtii idileerra jiru irra jireessaan maqsaa jira. Kanamalees filannoon abbootii dhimmaas mana murtii idilee caalaa kan aadaa ta'aa jira, deddeebii, dhamaatii baasii humnaa oliirraa isaan baraareera.

Kanamalees namoota walfalman jibbaan kan adda baasu osoo hintaane haa hafuutiin dhugaa abbaa dhugaaf deebisuun araara buusuun hariiroo hawaasummaa adda cite bakkatti kan deebisu waan ta'eef filatamaadha.

Bariisaa: Manni murtii aadaa tajaajila kennu kanaaf faayinaansiin bakkatti barbaachisu jiraachuu danda'a gama kanaan falli taa'e jirra laata?

Obbo Kumalaa: Manni murtii aadaa hawaasni dubbii fixuun misoomatti akka deebi'uuf kan hojjetu yoo ta'u, hojii gama kanaan gaggeessu si'eessuufis ta'e murteen darbu qabatamaa akka ta'uuf ragaaleesani waraqaafi barreeffamaan qabachuu malu yaada jedhuun galii maddisiisuu akka qaban taasifamaniiru.

Hojii hojjetan kanaan galiiin akka argamu tasisuun danda'ameera. Galii achii argamus nagaheen bahuufi galuu akka qabu dabalataanis murtee abbootii gaddisa seeraan darbu barreeffamaan taa'uu akka qabu kan taasifame yoo ta'u, murtee darbu namoota barreessaniif carraa hojiillee uumee jira.

Bariisaa: Manneen murtii aadaa iddoo garagaraatti bakkeefi odaa jalatti gaggeeffamaa jira. Kunimmoo hojiirratti rakkoo fiduu waan danda'uuf giddugala kenniinsa tajaajila seeraa mijjeessuuf kallattiin taa'e jirra laata?

Obbo Kumalaa: Dhimma kana wajjin walqabatee akka Shaggaritti xiyyeeffannoo laannee giddugalli mana murtii aadaa akka jiraatu hojjetaa jira. Murteen darban barreeffamaan akka taa'an erga goonee mankuusni ragaaleen itti oltaa'aniifi dhaddachi mana murtii aadaas akka ijaaramu ta'eera.

Shaggar keessatti ijaarsi mana murtii aadaa aadaa uummataa kan giddugaleeffate, duudhaa uummataa karaa eegeen ijaaramaa jira, gama kanaan magaalaa Shaggar fakkeenya taati jennee yaanna. Yeroo muraasa booda kutaa magaalaa hunda keessatti ijaarsisa raawwatee tajaajilaaf oola jennee abdanna.

Bariisaa: Shaggar magaalaa Oromoo taatus sabaaf sablammiin gara garaa achi keessa jiraatan tajaajila mana murtii aadaa kana fayyadamaa jiruu laata?

Obbo Kumalaa: Manni murtii idilee sabaaaf sablammii Shaggar kessa jiraatan hundaaf akkuma hojjetu kan aadaas hundaaf dhaabata. Dhugaa dubbachuuf loogii tokko malee hunduu tajaajila seeraa madaalawaa ta'e kan itti argatan qixaan kna itti keessummeeffamaniidha malee sabaan kan qoodame miti.

Manni murtii magaalaa Shaggaris imaanaa mootummaan isatti kenne galmaan gahuuf akkasumas aantummaa abbootii dhimmaa sabaaf sablammii achi keessa jiraatan

qixaan tajaajiluuf kanamalees deddeebiifi dhamaatii maqsuuf misooma mana murtii aadaarratti xiyyeeffate hojjetaa kan jiru waan ta'eef filatamaadha.

Bariisaa: Komii qeeqa ykn kenniinsa tajaajilaan walqabatee haqni dabe akka sirratuuf kanamalees xiyyeeffannoo akka argatuuf akkaataa eeruun itti kennamu mijateeraa laata?

Obbo Kumalaa: Eeyyee hordoffiin teknoloojii diijitaalaa taasifamu akkuma jiru ummannis qeeqaaf komii tajaajilarratti qabu ibsachuuf karaa bilbila tolaa akkasumas ergaa gabaabaan eeruu kennuu danda'a.

Qindoomina teknoloojii, deggarsa ogummaa tolaa, eeruu kennuun, manni murtii aadaa hundaa'uun amaloonni hannaafi haqa maallaqaan dabsuuf yaalaman akka furaman gochaa jira.

Bariisaa: Abbootii dhimmaa tokko tokko wayita dubbisuu tajaajilli mana murtii aadaa daran filatamaa jira jedhama, innis haqni maallaqaan akka hinhaqaaqame godha jedhamee waan abdatamuufidha jedhu, isinoo maal jettu?

Obbo Kumalaa: Akkuman dura siif kaase manni murtii aadaa beellamaa dheeraa mana murtii idilee keessatti abbootii dhimmaa baasii himmalleen dararaa ture kan baraaredha. Abbootiin dhimmaa lamaanuu murtii itti quufinsa qabuun kan itti gaggeeffaman, jibbi kan maqfamu tokko injifataa inni biraammoo injifatamaa kan itti ta'u waan hintaaneef daran filatama.

Gama biraanimmo gaaddisa seeraa odaa jala taa'ani haqa dabsuun haraamadha, dhalaaf golaaf Waqaafi lafaarratti fudhatama kan hinqabne waan ta'eef dhugaa dabsuurra lamaanuu walyakkuu itti himuun ilaaf ilaameen gorsaan walfalmii bara lakkoofsise yeroo gabaabduu kessatti xumuratu.

Kanarraa kan ka'e qaamoni walfalman hedduunsani dhimmasani gara mana murtii aadaatti naanneffataa jiru, yeroo gabaabaa keessattis xumurataa jiru, kun aadaafi duudhaa jajjabeeffamuu malu ta'uusaan giddugalli mana murtii aadaa akka ijaaramu galiis akka maddisiisatan, murtee dabarsanis barreeffamaan akka olkeewwatan taasisuun ammaan tana sadarkaa carraa hojiillee uumuurra gahuu danda'aniiru.

Bariisaa: Haqni akka hindabneef dhugaan abbaa dhugaaf yaada jedhuun itti fayyadamni teknoloojii hundaahuun mana murtii aadaa sochii gaariirraa jiraachuu keessan agarsiisa, hudhaan mana hojichaa qormaata hojjetootaa ta'e mootummaan ilaalamuu qaba jettan maalidha?

Obbo Kumalaa: Hojjetoonni keenya dadhabe mudhuke osoo hinjedhin tajaajila si'ataa kennuun hawaasaa tajaajila jiru. Haaata'u garuu manni hojichaa dhiyoo hundaa'uun walqabatee rakkoo mana jirenyaan miidhamaa jiru. Dhimmi kun birmannaa mootummaa osoo argate gaariidhan jedha. Kun ta'us hawaasa keenya tajaajiluufis ta'e ergama nutti kenname milkeessuuf humna guutuun hojjenna.

Bariisaa: Turtii yeroo keessaniif galatoomaa.

Obbo Kumalaa: Isinillee galatoomaa.

AADAIFI AARTII

Sirna haqni dabde bakkatti deebitee warri wal miidhe itti araaramu: *Sirna Gumaa Baasuu*

Bayyanaa Ibraahimiin

Oromoon aadaafi duudhaalee sirnoota garaa garaatiif ittiin dhimma bahu bocatee jiruufi jireenyasaa ummata ittiin jiraachaa tureefi ammas bakkoota tokko tokkotti ittiin bulaa jiruudha.

Duudhaalee gabbataa ummanni Oromoo nama nama ajjeesse tokko ittiin adabuufi nama ajjeefameef haqa ittiin barbaadee maatiisaatiif beenyaan ittiin kaffalamu keessaa sirni gumaa baasuu isa tokkoodha.

Dhimmi gumaa baasuu aadaa Oromoo ganamaa keessa kan ture, adeemsa keessa dhiibbaa alagaatiin akka laafu godhamus, utuu hinbadiin dhaloota ammaa bira qaqqabeera.

Gumaa baasuun akka seenaa Oromoo irraa hubatamutti, gumaan adeemsa jiruufi jireenya hawaasummaa Oromoo keessatti hundee araaraafi nagaa ta'ee hojjataa dhufe. Sababoota addaddaan namoota gidduutti wal dhabiinsa uumamuun namoota wal ajjeesan ykn walmiidhan gidduutti araara buusuuf sirni gumaa baasuu kun gahee guddaa bahachaa ture; ammas bahachaa jira.

Adeemsa isaa milkeessufis, maanguddoonni namoota walmiidhan gidduu galanii jaarsummaa araaraa taa'uun dubbichaaf hiikkoo kennu. Egaa, namichi lubbuu namaa balleesse ykn miidhaa qaamaa qaqqabsiise warra ajjeese ykn miidhe sanaaf beenyaa akka kaffalu kan itti muramu sanatu gumaa jedhama; sirni isaa immoo sirna gumaa baasuu jedhama.

Gumaan kan kaffalamu yeroo lubbuun namaa badeefi miidhaan qaamaa yoo namarratti qaqqabe qofaa osoo hintaane, horiin nama harkatti yoo du'ellee akkaataa sadarkaasaatiin itti murtaa'ee namni ajjeese sun kan kaffalu ta'a.

Walitti bu'iinsa uumame kanaan lubbuu badeefi miidhaa qaamaa qaqqabeef Jaarsi gidduu galee jaarsummaa dubbachuun kan miidhameef namicha miidhaa irraan gahetti gumaa muruun araara buusuuf adeemsaaleen deemamuu qabantu jira.

Gumaa kaffaluuf maanguddoonni seera gumaa beekaniifi Abbootiin Gadaa taa'anii haala ajjeejchaan itti raawwachuu danda'eefi sababasaa addaan erga baafatanii booda ulaagaa gumaa olaanaa, giddu galeessaafi gadi aanaa keessaa isa kam keessatti akka ramadamu ilaalameet gumaan murama. Miidhaa qaamaa yoo ta'es akkasuma.

Haaluma kanaan guyyaa walitti bu'iinsi uumamuun duuti gale sanaa kaasee haaloo baafachuuf gosni bahee ammas dabalee lubbuu akka wal hinbaafne ykn miidhaa walirraan hingenyeef jecha gosni warra nama ajjeese guyyaa shaniif balbalasaanii cufatanii gosa isaanii gara biraa jiranitti fagaatanii baqatu.

Namichi nama ajjeese sun immoo mana sirreessaa akka galu taasifama. Mana sirreessaa kan hingalle yoo ta'e ammoo firootasaa fagoo jiraatan biratti baqatee



Yeroo sirni gumaa raawwatamu

dhokata.

Karrisaaniis qoraattiin cufama. Erga lubbuun namaa badee guyyaa sagaliin booda warri lubbuun namaa harkatti bade lammiifi maanguddoota naannoo waammatanii halkan sagaliif warra du'eef sagadu ykn kadhatu.

Sagadni erga raawwateen booda gumaa akka bitaniif gosni warra ajjeese abbaa bokkuufi kallacha, ayyaantuu, bokkuufi caaccuu baasanii akkasumas farda luugamaan baasu. Maanguddoota ammoo gosoota Oromoo ollaa gosoota lamaan wal dhabanii sanaa jirataaniin kan dubbatamu ta'uu jaarsoliin ni himu. Haala kanaan hanga gaafa warri du'e hoodni keessan haadahu jedhaniitti bahanii ni dhaabbatu.

Gaafa hoodni keessan haadahu jedhanii raada arrab-saaqii jedhamtu kan ilkaan cabsite warra du'eef kennanii gara gumaa dubbachuutti seenama.

Hooda bahe diduun hindanda'amu. Hooda bahe yeroo tokko tokko warri du'e aariirraa kan ka'e ni didu. Haata'u malee akka aadaa Oromootti hoodni bahe safuudha, waan guddaadhas.

Hayyootni Oromoo seeraan hoodni safuufi sodaatamaa akka ta'u durirraa tumamee ittiin dhimma bahamaa jiraachu himu. Kanaaf Oromoon hooda isatti bahe ni deessisa malee diduu hin danda'u. Yoo dide immoo abaarsa qaba.

Namni hooda isatti bahe dide abaarsa maanguddootiif waan saaxilamuuf akka karri isaas ta'ee namnisaa nagaa hin argannetti amanama. Kana qofaa osoo hintaane, qotee callaa hin argatu, sanyiin hinmarguuf. Yeroo dhiyoo as garuu gatiin horii olka'uun daangaa kaawwameen ol waan ta'eef raadni arrab-saaqii kun gara qarshiitti jijjiiramtee qarshii 1,000 akka kafalan taasifamaa jira.

Qarshiin kunis qacamaa gosaa kan jedhamu yoo ta'u, warri firri jalaa du'e warra fira

ajjeese haaloo ba'uuf eeggatanii miidhaa irraan akka hingenyeefi isaanis dabalani lubbuu akka hinbaafneef gosoota warra du'ee hundaaf kan qoodama.

Warri namni jalaa du'e erga qacamaa gosaa fudhatanii booda jaarsoliin gosa lachuu gidduu seenanii sababa gadda itti gale kanaan warri firri jalaa du'e baasii baasaniifi wal dhabdee jarreen lamaan gidduu jiru qoratani baasuun baasii bahe warri ajjeese akka deebisu taasisuun walii galchani gara bokkuu migira bakkeetti lukaafi lukee gama lachuu akka walii kennan ergu.

Olitti akkuma eerame, gumaa lubbuu murteessuun kanfalchiisuu keessatti jaarsoliin biyyaa qooda haa qabaataniyyuu malee, Abbootiin Gadaa garuu qooda olaanaafi aangoo guddaa qabaatu.

Murtiin gumaa abbootii Gadaafi abbaa bokkuutiin murtaa'a waan ta'eef namoonni kun gumaa walbituuf yoo gara kana dhufan karaa jaarsolii biyyaafi lammiisaaniitiin waliigaltee isaanii fudhatanii dhufu. Abbaan Bokkuus waliigaltee isaanii ilaalee "gumaaf dhuftanii? baasii keessan, qacamaa keessaniifi dabdee keessan fudhattaniituu?" jedhee warra miidhaan irra gahe gaafatu.

Eeyyee yoo jedhan gara sirna hanxaxii cabsaatti isaan ergu. Yoo hinfudhanne ta'e immoo dura baasii isaanii, qacamaa isaaniiifi dabdee isaanii fuudhaniifi guyyaa hanxaxii cabsaatti beellama qabuufi.

Guyyaa hanxaxii cabsaa kana gosti namni jalaa du'eefi warra ajjeese lukaafi lukee isaanii qabatanii "kan ajjeese gumaa baasa, bakka isaan hingahiin jedhan hingahu gumaa kee nan baasa hinhanbisu" jedhee kan itti kakatuufi warri namni jalaa du'es "har'aa kaafnee gumaa keenya fudhanna malee haaloo hin baanu. Bakka nuti si dhoowwine hin geessu malee haaloon si hin eeggannu" jedhanii guyyaa itti kakuun raawwatamee nageenyiifi tasgabbiin gosa lamaan gidduutti bu'uudha.

Guyyaan kun Sirna Gumaa baasuu keessatti

guyyaa murteessaadha. Guyyaa hanxaxii cabsaa kana lukaafi lukeen gosa lachanuun hanxaxii gogaa 16 harkatti qabatanii kakuu akka armaan gadiitti raawwatu.

"Kun gumaadha, yoon gumaakee balleesse, gumaaniifi balaan (hamaan) natti haa galu; kuni ija ijaan gumaan natti haa galu; inni kuni harkaa harkaan gumaan natti haa galu. Kuni gurraa gurraan natti haa galu; kuni arrabaa arrabaan natti haagaluu; hiddii qooqxe, oadaa tortorte naa haa godhu; dhama'een, callalliin, sochootuun, abbaa torbii daaraa midirii naa haa balleessu.

Afuurri Waaq Arfaasaafi Birraan gufuun sagal, abarreen 44 dachaadhaan na haadhahu. Saree gurraattii, afuura arfaasaa, saree kottollaa naa haa godhu; ani gumaa kee nan baasa. Anis gumaa koo nan fudhadhaa" jechuudhaan guyyaa hanxaxii cabsaa kana gosni lachanuun kakatanii gara Sirna Gumaa baasuutti seenama.

Haala kanaan akkaataa ajjeechaan itti raawwate, otoo itti hin yaadin moo itti yaadeeti ajjeese kan jedhu dursanii abbootiin gadaa adda baasanii waan jiraniif, guyyaa kana namicha ajjeesetti gumaa inni kaffaluu qabu itti murtaa'a.

Gumaa itti murtaa'e kanas kaffalee of irraa akka xumuru yeroo qabameef keessatti lammiisaarraa hirphatee kaffala.

Qabeenya amma fedheyyuu yoo qabaate manaa kaffaluu hindanda'u hooda. Guyyaadhuma kana yeroo kam keessatti akka kaffatee xumuruufi guyyaa sirni harka dhiqaa raawwatamus ni murtaa'a. Haala kanaan gara gumaa baasisuutti seenamee miidhaan kaafamee miidhaan itti adabamee dhugaan bakkatti deebi'a jechuudha.

Sirni haqni bakka dabdetti akka deebitu taasissee nama balleesse adabuu qofaa osoo hintaane, gumaa irraa eeggamu kanfalee gara hariiroo dura tureetti deebi'an taasisu kun, sirna kennaa haqaa filatamaa waan ta'eef ammas cimee itti fufuu qaba.

Abbaa Sa'aa

“Loowwan aannanii wabii nyaata maatii mirkaneessuurra darbee madda galii nuuf ta'eera”

- Obbo Saahilee Bartaa



Natsaannat Taaddasaatiin

Obbo Saahilee Bartaa Naannoo Itoophiyaa Giddugaleessaa, Godina Guraagee, Aanaa Imidbir, Magaalaa Imidbir jiraatu. Obbo Saahileen hojjetaa mootummaa turan. Yeroo ammaa soorama bahanii maatii isaanii waliin waldaan gurmaa'uun hojii loowwan aannanii horsiisuurratti bobba'anii jiru. Lafa bulchiinsa magaalarraa fudhatanirratti mana loowwan aannanii keessatti horsiisan ijaarannii hojiitti seenanii jiraachuu dubbatu.

Obbo Saahileen dhiyeenya kana garee Gaaxeessitoota Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatti akka himanitti, hojii loowwan aannanii horsiisuu bara 2013 jalqaban. Yeroo sana Baankii Oomoorraa qarshii kuma 150 liqeffachuun goromsoota sanyii fooyya'aa bituun hojii jalqaban. Yeroo ammaa loowwan aannanii jabbiilee waliin 12 ta'an qabu. Kanneen keessaa ja'a elmamaa jiru. Loowwan kunneen sirriitti sooruufi kunuunsuu bu'aa gaarii irraa argachaa jiru. Bu'aan loowwan kunneen irraa argatan wabii nyaata maatiisaanii mirkaneessuurra darbee madda galii ta'eeffii jira.

“Bulchiinsi aanichaafi magaalattiis deggarsa barbaachisu nuuf taasisaa jiru. Ogeessonni fayyaa beelladootaas guyyaa mitii halkan yoo nuti waammellee dhufanii nu gargaaraa jiru. Loowwan aannanii akka daa'imaatti eegumsaafi kunuunsa barbaadu. Loon akkuma fedhii kormaa agarsiisaniin mixxiqqeessuurratti garuu hanqinni naayitiroojiinii yeroo baay'ee nu mudata. Loon tokko akkuma fedhii kormaa agarsiifteen mixxiqqeessuu baannaan marsaa isa itti aanu eeguun dirqama ta'a. Yeroo loowwan itti fedhii kormaa agarsiisan mixxiqqeessuu baannaan marsaa itti aanu eeguun dirqama ta'a. Yeroo loowwan itti mixxiqqeeffaman daddarbaa deemuun bu'aa loowwan irraa argannurratti dhiibbaa guddaa uuma.” jedhu.

Obbo Saahilee omisha aannaniitiin wabii nyaata maatiisaanii mirkaneessuurra darbanii gabaaf dhiyeessaa jiraachuu himanii, omisha aannanii kana haadholii ijoolleesaniitiif aannan kireffataniifi mana shaayiifi mana urgootti gurguraa jiru. Aannan liitirii tokko naannawaatti qarshii 60n gurguraa jiraachuus himaniiru.

Magaalattiitti loowwan aannanii bal'inaan horsiifamaa waan jiraniif gara fuulduraatti gaba'a aannaniirratti sodaa qabna. Rakkoo gama kanaan mudachuu malu furuudhaaf warshaan aannan qindeessu utuu ijaaramee



Suurri: Daanyee Abarraatiin

Horsiisi loowwan aannanii yeroo gabaabaa keessatti faayidaa guddaa argamsiisaa jira

gaariidha. Utuu warshaan kun ijaaramee nutis hojii horsiisa loowwanii kana caalaa babal'ifnee hojjechuu dandeenya jedhu.

Loowwan qaban keessaa torba rimaa ta'uu himanii, hojii kana babal'isnee hojjechuuf sodaa gaba'a aannanii waan qabnuuf jabbiilee keenyaltee gurguraa jirra. Bu'uuraalee misoomaa kanneen akka elektirikii, daandii, bishaanii babal'isuunis hojii dagatamuu hinqabneedha. Rakkoo elektirikii isaan mudatee jiru furuun humna bulchiinsa magaalattiifi aanichaatii ol waan ta'eef qaamni dhimmichi ilaallatu furmaata akka isaaniiif kennuuf gaafataniiru.

Magaalattiitti yeroo ammaa waldaaleen horsiisa loowwan aannaniirratti hirmaatan baay'een jiraachuu himanii, loowwan horsiifamaa jiranis omisha aannanii fooyya'aa kenna jiru. Loon tokkorraa guyyaatti aannan hanga liitirii 22tti argachaa jiraachuus eeraniiru.

Nyaata beelladootaa qindaa'aa Yunivarsitii Walqixxeeraa bitanii ittifayyadamaa jiraachuufi akkasumas omishanii haamanii tuuluun ittifayyadamaa jiraachuu himanii, gatiin nyaata beelladootaa qindaa'aa ol ka'us filannoo biraan hinjiru. Omisha aannanii fooyya'aa argachuuf nyaata beelladootaa qindaa'aa bituun dirqama ta'uus eeraniiru.

Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Magaalaa Imbidir Obbo Tsaggaayee Shuume akka jedhanitti, maaddii guutuun walqabatee magaalattiitti hojiilee qonna magaalaa garaa garaatu raawwatamaa jira. Isaan keessaa tokko horsiisa loowwaniiti. Hojiileen qonna magaalaa raawwatamaa jiran wabii nyaata maatii mirkaneessuurra darbanii madda galii ta'uun bu'aa guddaa argamsiisaa jiru. Yeroo ammaa magaalattii keessa waldaaleen 20 ol hojii loowwan aannanii fooyya'oo horsiisuurratti hirmaatanii jiru.

Magaalattiitti giddugaleessaan guyyaatti

loon tokkorraa aannan liitirii 22 ol argamaa jiraachuu himanii, loowwan guyyaatti aannan liitirii 32 kennanis jiru. waldaalee horsiisa loowwan aannanii sadii keessatti loowwan jabbiilee lama lama dhalatan jiraachuus eeraniiru.

Itoophiyaan horii gaanfaatiin sadarkaa ardiifi addunyaatti beekamtuu taatus bu'aa damee kana irraa argattuun ammoo duubatti haftuu ta'uu himanii, horsiisa loowwaniirraa bu'aa barbaachisu argachuuf hojii sanyii loowwanii fooyyessuurratti xiyyeeffachuun hojjetamaa jira. Hojii waggoota lamaan darban keessa raawwatamaniin loowwan kuma tokkoofi 154 mixxiqqeessuun kan danda'ameera. Loowwan mixxiqqeeffamaniifis to'annoofi hordoffiin barbaachisu taasifamaafii jiraachuu eeraniiru.

Horsiisa beelladootaa keessatti nyaataafi fayyaa isaanii eeguufi sanyii fooyyessuun baay'ee barbaachisaa ta'uu himanii, fayyummaasaanii eeguuf dursanii akka talaalaman ta'aa jira. Yoo akka tasaa dhibeen qabamanis dafanii qoricha akka argatan ta'aa jira. Nyaatni beelladootaa qindaa'aa ol ka'aa waan ta'eef waldaaleen horsiisa looniirratti hirmaatan nyaata beelladootaa akka omishaniif lafa kan kennaniif ta'uus eeraniiru.

Godina Guraageetti, Hogganaa Ittaanaa Qajeelcha Qonnaafi Hogganaa Damee Beelladootaa Obbo Mahaammad Muddasir akka jedhanitti, loowwan akka godinichaatti jiran keessaa %23 sanyiisaanii fooyya'aadha. Waggaa waggaa loowwan %10 sanyiisaanii fooyyessaa deemuuf karoofatanii hojjechaa jiraachuufi barana loowwan kuma 22 sanyiisaanii fooyyessuuf karoofatanii hojjechaa jiraachuu himu.

Akka godinichaatti waldaalee 60 hojii horsiisa looniirratti, waldaaleen 236 ammoo horsiisa lukkuurratti hirmaatanii jiraachuu himanii, hojiin kanaan lammiileen kuma tokko ta'an carraa hojii argataniiru. Dameen qonnaa carraa hojii bal'aa uumuu keessattis gahee olaanaa kan qabu ta'uus eeraniiru.

Kaayyoon keenya inni guddaan wabii nyaata maatii mirkaneessuufi sirna nyaataa madaala'aa ta'e akka argatu taasisuudha kan jedhan Obbo Mahaammad, akka godinichaatti qabeenya aannaniitiin maatiin kuma 120, qabeenya fooniitiin maatii kuma 85, qabeenya lukkuutiin maatiin kuma 69 fayyadamoo ta'aniiru. Kun dargaggoota gurmaa'anii horsiisa loowwan aannaniifi lukkuurratti hirmaachaa jiran kan hindabalanne ta'uu dubbatu.

“
**Loowwan aannanii
akka daa'imaatti
eegumsaafi kunuunsa
barbaadu**”

Biyyi tokko marii biyyaalessaa yeroo ...

ta'an akka qabdu amanuun abshaalummaa ta'a.

Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaatti, Abbaa Alangaa naannichaa Obbo Ibsaa Camadaa qorannoo dhimma marii biyyaalessaa irratti adeemsisaniin akka jedhanitti, mariin biyyaalessaa tooftaa ittiin biyyi tokko waldhibdee siyaasaa keessooshii ittiin furattu isa ijoodha.

Mariin biyyaalessaa ce'umsa siyaasaafi nageenyaa itti fufiinsa qabu fiduuf gargaara. Dabalataanis wal waraansa aangoo qabachuuf taasifamu dhaabsisuu, sarbama mirga namoomaa karaa fulla'aa ta'een dhaabsisuuf mala filatamaadha.

Qorannoo isaanii kanaan muuxannoo biyyoota addunyaa garagaraa marii biyyaalessaa biyya isaanii keessatti adeemsisani milkaa'aniifi hinmilkooftnee xiinxaluu kan himan Obbo Ibsaan, gareen lachuu sababa milkaa'inaafi kufaatii mataasaanii qabu jedhu.

"Itoophiyaan warra marii biyyaalessaatiin milkaa'an irraa barachuu qabdi. Warra osoo hin milkaa'in hafan irraas sababa milkii isaan dhoowwe irraa barachuu barbaachisa" jedhan.

Mariin biyyaalessaa biyya tokkoo milkaa'ee jennaan biyyattiif bu'aan inni fidu daraan guddaa yemmuu ta'u, inni jalqabaa waldanda'iinsa siyaasaa uuma. Nagaafi tasgabbiitu dhufa. Tokkummaa biyyaalessaa fiduu danda'a. Biyyi gara dimokiraasitti akka ceetus godha. Saboota gidduutti walqixxummaa siyaasaafi dinagdee fida.

Mariin biyyaalessaa Itoophiyaan adeemsisuuf jirtu akka milkaa'uuf

carraa tokko ta'ee eeramuu kan danda'u komishiniin marii kana hogganu walaba ta'ee hundaa'uu yemmuu ta'u, akkuma paartileen siyaasaafi kutaaleen hawaasa sivilii dhimma kana fudhatan jiranitti garuu warreen ija shakkiitiin ilaalanis hin dhabamne.

Walabummaafi hirmaachisummaa komishinii kana paartileen siyaasaa komiin kaasan akkuma jirutti ta'ee, labsiin of danda'ee dhaabbachuunsaa carraa tokkodha. Kan biraan aadaafi duudhaa biyyaa komishiniin kun fayyadamuu akka danda'u tumamuunis carraa kan biraati.

Labsii kana keessatti aadaafi duudhaawwan biyya keessa jiran fayyadamamuu akka danda'u akeekameera. Duudhaawwan araaraafi nageenya buusuu kan akka duudhaa haadhoolii siinqee Oromoofi kan saboota biroos akka dhimma itti bahamu danda'amu labsii kanarratti tumamuun carraa gaarii milkii marii biyyoolessaa mirkaneessuu danda'u keessatti kan ramadamuudha.

Gama biraatiinis qajeeltoowwan idil-addunyaa ta'an hedduu labsii Komishinichaa irratti hammatamanii jiraachuunis carraa marichi qabu kan biraa yemmuu ta'u, qajeeltoowwan idil-addunyaa kan akka hirmaachisummaafi hammattummaa labsii kana keessatti hammatameera. Labsiin kun namni kamuu akka itti hirmaatu akeeka. Inni hidhates jechuudha. Labsicharratti qaamni akka irraa ittifamu hinjiru.

Akka Obbo Ibsaan jedhanitti, dhimmi hirmaachisummaa mariin biyyaalessaa Itoophiyaan adeemsisuuf jechaa jirtu kun akka hinmilkooftnee gochuu danda'a jedhamee yaaddoo guddaa ta'uu danda'a.

"Marii Itoophiyaan adeemsisuuf jirtu kana keessatti qooda fudhattoonni hundi hammatamuu dhiisuu malu. Qooda fudhattoonni hundi yoo hinhirmaanne ammoo marii bu'a qabeessa gageessuun baay'ee rakkisaa ta'a.

Muuxannoo mariin biyyaalessaa Sudaan Kibbaa ittiin milkaa'ina dhabe keessaa inni ijoo dhimma hirmaachisummaa dhabuu akka ta'es himu.

"Sudaan Kibbaa yeroo marii biyyaalessaa adeemsiste kutaaleen biyyattii lama, Arkoobaafi Akoobeen jedhaman itti hinhimaachisne. Sababa kanaan milkaa'ina dhabe. Qaamni hundi yoo hinhirmaanne mariin biyyaalessaa milkaa'uuf yaaddoo ta'a.

Qooda fudhattoonni marii biyyaalessaa seera marichaa (Code of Conduct) irra cehuu akka malaniifi rakkoon nageenyaa amma biyyattii keessa jiru gara wal hubannaatti dhufamee yoo hinfuramnes yaaddoo milkaa'ina marichaati jedhan Obbo Ibsaan.

Ajandaalee gurguddoo ta'aniin ala ajandaalee hedduu gara marii biyyaalessaatti fiduunis dhimmoota marii biyyaalessaa akka hinmilkooftnee taasisan keessaa ijoo waan ta'ef, Itoophiyaan marii biyyaalessaa kana yoo gaggeessitu ajandaalee guguddoo irratti qofa fuullefachuu akka qabdu himu.

"Yemen sababni mariin isaanii milkaa'uu dhabe biyyattiin diigamteef tokko ajandaan marii heddumachuudha. Afrikaa Kibbaafi Tuniziyaan ammoo ajandaa ijoo qofa godhatanii marii biyyaalessaatti milkaa'aniiru" jedhu.

Marichi akka milkaa'uf jecha mootummaan dhimmoota yaaddoo tahan kunneen

marichaan duratti furmaata itti kennuudhaan milkaa'ina marichaatiif haala mijeessuu akka qabus akeeku.

Paartileen siyaasaas dhimmi marii biyyaalessaa dhimma tokkummaa biyyaafi biyyaa itti fufsiisuu ta'uu hubachuudhaan garaagarummaa isaanii xiqqeessanii hirmaannaa isaanirraa egamu bahuun milkaa'ina marichaaf tumsuu gaafata.

Biyya tokko keessatti mariin biyyaalessaa osoo hinmilkooftnee yoo hafe biyyattii sanaaf kufaatii akka fidu muuxannoo biyyoota biraarraa hubachuun dhimma eeggannoo cimaadhaan adeemuu qabuudha.

"Mariin yoo milkaa'ee bu'aa guddaa akkuma biyyaaf fidu yoo milkaa'ina dhabe biyyattiitti raafama mariidhaan dura ture caalu fida. Kanaaf mariin biyyaalessaa of eeggannoo cimaa barbaada sababni jedhamuufis.

Mariin biyyaalessaa Itoophiyaan adeemsisuuf jirtu qixa labsii irra taa'een yoo hojjiirra oole milkaa'ina fiduu akka danda'uufi dhimmoonni yaaddoo tahan kun dursamee yoo hinfuramneefi marichi milkii yoo dhabe garuu rakkoo biyyattii kan amma jirurra carraa hammeessuu waan maluuf dhimma xiyyeeffannoo barbaaduudha.

Walumaagalatti, mariin biyyaalessaa qabeenyi hedduu irratti dhangala'ee fi abdiin hedduu irratti gatame kun akka milkaa'uuf hunduu ga'ee isarraa eeggamu bahachuun barbaachisaadha. Keessattuu biyyi takko marii biyyaalessaa gaggeessuudhaaf carraan ishiin qabdu yeroo tokko qofaa waan geggeeffamuuf hundumtuu milkaa'ina marichaaf tumsuu qaba.

Ijaarsi Hidha Laga Abbayyaa Amajjii ...

'EthioDirect' jedhu maallaqa ijaarsa hidhichaa xumursiisuuf oolu hawaasa diyaaspooraafi lammiileen biyyattii ittiin arjoomuu danda'an iftoomeera.

Injinar Kifileen haasaa saganticharratti taasisaniin akka jedhanitti, ijaarsa pirojektii Laga Abbayyaaf hanga Guraandhala bara 2016tti doolaara biiliyaana 192 baasii ta'eera. Hojiin ijaarsa pirojektichaa yeroo ammaa sadarkaa xumuraarra jiru kana goolabuuf lammiileen biyyattiifi hawaasni diyaaspoora hirmaannaasanaani karaa maarsariitiwwan ifoomanii deggersasanaani hanga xumuraatti cimsanii akka itti fufan gaafataniiru.

Pirezdaantiin Baankii Daldala Itoophiyaa Obbo Abbee Saano gamasaanii akka jedhanitti, hawaasni diyaaspooraafi lammiileen biyyattii keessa jiraatan marsariitihaafi appilikeeshinicha iftoome fayyadamuun maallaqa Pirojektii Ijaarsa Laga Abbayyaa xumursiisuuf walittiqabamurratti bal'inaan akka hirmaataniif waamicha dhiyeessaniiru.

Hawaasni diyaaspoora 'Viizaafi Maastar Kaardii' fayyadamuun weebaayitii 'itsmaydam.com' jedhurratti ykn appilikeeshinii 'EthioDirect' jedhu buufachuudhaan deggersa maallaqa ijaarsa hidhichaa xumursiisuurratti oolu kennuu kan danda'an ta'uu himanii, marsariitihiifi appilikeeshinichi kan isaan rakkisu yoo ta'e karaa Embaasii Itoophiyaa biyyasanaani jiruu erguu kan danda'an ta'uufi deggersa




Injinar Kiflee Horroo

maallaqaa taassisaniif karaa 'Email' isaanii waraqaan ragaa kan argatan ta'uus himaniiru.

Hawaasni diyaaspoora marsariitiifi appilikeeshinicha fayyadamuun doolaara shan irraa kaasanii deggersa ijaarsa hidhichaa xumursiisuuf oolurratti hirmaachuu kan danda'an ta'uu himaniiru.

Daariktarii Waajjira Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa Hidha Guddichaa Doktor Aregaawwii Barihee akka jedhanitti, hojiin ijaarsa pirojektii hidhichaa hirmaannaa lammiilee Itoophiyaa biyya keessa jiraniifi biyyoota alaa jiraniin yeroo ammaa sadarkaa xumuraarra gaheera. Ijaara hidhichaa guutummaatti xumursiisuun hirmaannaa hunda keenyaa gaafata. Kanaafuu lammiileen Itoophiyaa biyya keessaafi biyya alaa jiraatan deggersa gama



hundaan taasisaa turan hanga xumuraatti akka itti fufaniif dhaamaniiru.

Ministir De'eetaan Haajaa Alaa Itoophiyaa Ambaasaaddar Burtukaan Ayyaano akka jedhanitti, lammiileen Itoophiyaa biyya keessaafi biyya alaa jiraatan waggaa 13f utuu walirraa hinkutin ijaarsa pirojektii Laga Abbayyaa milkeessuuf gama hundaan deggersa barbaachisu taasisaa turaniiru.

Ijaarsa pirojektichaa rakkooled hedduu keessa darbee yeroo ammaa sadarkaa xumuraarra gaheera. Yoo tokko taane qormaatakamiinyuuce'uu akka dandeenyu hirmaannaa ijaarsa hidhichaarratti taasifneen mirkaneessineerra. Hawaasni diyaaspooraas jalqabaa kaasanii waamicha biyyaarratti hirmaachuun ijaarsa hidhichaa milkeessuu keessatti bal'inaan hirmaachaa jiraachuu eeraniiru.

Ijaarsa hidhichaa humna dippilomaasiifi dinagdee nuuf ta'eera kan jedhan Ambaasaaddar Burtukaan, hawaasni diyaaspoora ammas taanaan sagantaa maallaqa ijaarsa hidhichaa xumursiisuuf qophaa'erratti bal'inaan hirmaachuu akka qabanis yaadachiisaniiru.

Hawaasni diyaaspoora, dippiloomaatonniifi ambaasaaddaroonni Itoophiyaa biyyoota gara garaa jiraatan baniinsa saganticharratti karaa 'online' hirmaachuudhaan doolaara 100 irraa kaasanii mindaasanaani ji'a tokkoo kennuun hirmaannaa ho'aa taasisaniiru. Waajjiri Manni Maree Qindeessaa Hirmaannaa Ummataa Ijaarsa Hidha Guddichaa Itoophiyaa hawaasa diyaaspoora ijaarsa hidhichaa milkeessuurratti hirmaataniif Waancaa Hidha Laga Abbayyaa badhaaseera.

ODUU



Hirmaattota leenjichaa keessaa

Leenjiin dandeettii raawwachisummaa cimsuu qonnaan bulaa guutuu Oromiyaaf kenname

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Leenjiin dandeettii raawwachisummaa cimsuu qonnaan bulaafi horsiisee bulaa guutuu Oromiyaaf guyyoota shaniif kennamaa ture kaleessa xumuramuu Biiroon Dhimoota Kominikeeshinii Oromiyaa gabaase.

Ittigaafatamaa Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Fiqaaduu Tasammaa haasaa baniinsa leenjichaarratti taasisaniin akka jedhanitti, badhaadhina yaadame milkeessuuf qoodni qonnaan bulaafi horsiisee bulaa Oromiyaa olaanaadha. Leenjiin kun omishaafi omishummaa guddisuu, ittifaayadama teknolojiifi galtee qonnaa, qulqullina, baay'inaafi ariitiin omishuufi aadaa qusannaafi liqiiratti hubannoo ga'aa argachuun badhaadhina maatii mirkaneessuufaa of keessatti hammate qonnaan bulaafi horsiisee bulaaf kennameera.

Kaayyoon leenjichaa qonnaan bulaa gidduutti



Obbo Fiqaaduu Tasammaa

tokkummaa ilaalchaafi gochaa fiduun misoomaan hiyyummaa mo'achuun imala badhaadhinaa dhugoomsuuf hubannoo cimsuu yoo ta'u, omishaafi omishummaa guddisuu, aadaa qusaannoo cimsuufi jijjiirama argame itichuurratti qonnaan bulaafi horsiisee bulaan gaheesaa qixa sirriin akka ba'uufis riqicha

jabaa ta'uun ibsameera.

Haaluma walfakkaatuun leenjichi magaalaa Shaggarittis qonnaan bulaa kuma 46 ta'aniif kennamuu Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Magaalattii Doktor Ingaabuu Hordofaa Wiixata darbe Gaazeexaa Bariisaaf ibsaniiru. Leenjichi giddu galeessummaa Paartii Badhaadhinaa kan hogganamu yoo ta'u, kutaalee magaalattii 12fi aanaalee 36 keessatti qonnaan bulaa hunda hirmaachisuun adeemsifame.

Leenjichi omishaafi omishummaa qonnaan bulaarratti waan xiyyeeffatuuf qonnaan bulaan Shaggar lafasaa karaa bu'a qabeessa ta'een akka fayyadamuuf daran gargaara. Lafa xiqqaarratti omishummaa dabaluu fi leenjichi hubannoo guddaa uuma. Midhaan gosa garaagaraa waljijjiiraniif facaasuun gabbina biyyee dabaluu cinatti haala qophiifi itti fayyadama xaa'oo uumamaarratti illee hubannoo gahaa kenneera.

"Eegalamuun ajandaa walitti qabuu ..."

hirmaannaa murteessaa ittitaasisan ta'uu himanii, ajanadaa marii biyyaalessaa walitti qabuu kanarratti Finfinneerraa hirmaattonni kuma lamaafi 500 kan calalalaman ta'uus eeraniiru.

Ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuurratti geggestoonni hawaasaa, dubartoota, dargaggootaa, hawaasa daladaa, barsiisotaa, afooshaa ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuurratti hirmaataa jiran keessaa akka fakkeenyaatti kaasaniiiru. Hirmaannaa hawaasaa malee furmaata fiduun akka hindanda'amne yaaliin kanaan dura taasifame agarsiiftuu ta'uu himanii, garaagarummaa yaadaa hidda gadfageeffateef fala waaraa

fiduuf hawaasni karaa bakka bu'aasaa carraa qixxee kan qabu ta'uus himaniiru.

Hawaasni ittigaafatamummaa seena qabeessa kana yoo sirnaan ittifaayadamne hariiroon qaamolee hawaasaa garagaraa, mootummaafi ummata gidduutti jiru fooyyeessuun sirna siyaasaa walamantaan guutame akka ijaaramu ni taasisa. Aadaa rakkoo siyaasaa mariin furuus akka cimuu taasisuun nageenya biyyaa amansiisaa taasisuun mootummaa jabaa ijaaruu keessattis shoora olaanaa kan qabu ta'uus himaniiru.

Komishinichis kana bu'uura godhachuudhaan ajandaa marii biyyaalessaa walitti qabuu xiyyeeffannaa kennuun boqonnaa ajandaa

bocuu fuulduraa keessatti akka hammataman taasisuuf hojjechaa jiraachuus eeraniiru.

Hirmaattotni waltajjii ajandaa walitti qabuurratti argaman akka jedhanitti, mariin biyyaalessaa garaagarummaa yaadaa bara dheeraaf madda walittibu'iinsaa ta'ee tureef furmaata waaraa kaa'uu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanafu lammiileen biyyattii hundi ajanadaa walitti qabuurrattis ta'e milkaa'ina maricharratti dammaqinaan hirmaachuun gahee irraa eegamu bahachuu qabu. Hanga mariin eegalame kun milkaa'inaan goolabamutti hawaasinis yaadasaa utuu hinqusatin kennuu akka qabus yaadachiisaniiru.

"Oromiyaan booreessitoota nageenyaan ..."

hara uumamee osoo jiruu sabni Sirna Gadaa isarra darbee dhibee siyaasaa warra biroofuu daawwaa ta'u qabu dhabaa fakkaatee qe'ee irratti kabajamuun malurratti seeraa alummaan goolamaa jiraachuun daran qaansaa ta'uu ibsaniiru.

Ummatni Oromoo bakka kaleessaa osoo hin taane sadarkaa hireesaa wareegama qaaliin mirkaneffaterra jira malee boqonnaa hiree ofii afaan qawweefi qabsoo bosonaa keessa barbaadurra hinjiru Filannoo yaadaafi sagantaa siyaasaa dhiyaatef irratti hundaa'ee qaama isaaf tahu filachuu danda'eera. Ammas taanaan daandiin kun wabii heeraafi seerotaa murteessaa kan qabuudhas jedhaniiru.

Haa ta'u malee, hiree ummanni wareegamaan argate kun, yeroo kanatti, humna hidhatee bosona jiruun goolamaa jira. Jilbaafi gadameessi dhaloota ofii gumaacheen

shororkaa'uun, ija namaafi fuula Uumaa duratti qaaniifi salphina guddaadha. Ajjeechaafi miidhaa qaamaa suukanneessaan maanguddoota, gaheessota, dubartootaafi daa'imman irratti raawwatame godaannisa hamaadha. Saamichaafi mancaatiin qabeenya qe'ee Oromoo waggootan afran darban qofatti raawwatames, kan kaleessa qabnuufi kan har'a horachaa jirru baay'ee dhabamsiiseera jedhaniiru.

Waggootan darban keessatti mootummaan naannichaa dirqama seera kabachiisuu itti kennamee ba'achuun cinatti humna ABO Shanee waamicha nageenyaa irra deddeebiin dhiyeesse loltoonni murnichaa kumaatamaan lakka'aman deebi'uun kabajni Oromummaa isaaniif taasifamee leenjii haaromsaa fudhachaa jiru, ammas kanneen harka kennachaa jiran hedduudha. Haaromsaan

boodas ummatatti makuun hojii deebisanii dhaabuu hojjetamaa jira.

Boqonnaa gadoo, mufiifi waldhabdee cufuun, boqonnaa waliigaltee uumuuf waltajjii marii biyyaalessaa hunda hirmaachisaan hundaaf dhiyaatee jira. Mootummaafi ummanni biyyattii mariifi marabbaa akka fala furmaataa tokkotti qabatanii tumsaa jiru. Aadaa siyaasaa boodatti hafa irraa, gara boqonnaa mariifi marabbaan dhibdee fixachuutti ce'uuf imala eegalaniiru.

Kanaafuu, waldhabuu kamuu filannoo daandii nagaatiin furuun saamichaafi ajjeechaan hafee qe'ee Oromoo tasgabbeessuun brabaachisaadha. Mootummaan akkuma kaleessaa namoota daandii nagaa fedhan harka bal'isee simachuuf qophiidha. Harka nagaaf diriirse yoomuu hin dachaafatu jechuun waamicha nagaa dhiyeessaniiru.

"Haqa dabe sirreessuuf hojiirra oolmaan haqa ce'umsaa murteessaadha"

- Kaadhimamaa (PhD) Geetaachoo Taaddasaa

Waaqshuum Fiqaaduu

Miidhaafi miidhama sirnoota darbe biyya kana keessatti mudatan wal'aanuufi miidhamni lammaffaa akka hin mudanneef haqa ce'umsaa hojiitti hiikuun dhimma murteessaa ta'uu Hayyuun Seeraa Yuunivarsiitii Bulee Horaa Kaadhimamaa(PhD) Geetaachoo Taaddasaa dubbatu.

Obbo Geetaachoo Kamisa darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, hiikkoon haqa ce'umsaa jecha tokkoon ibsuun rakkisaa ta'us akka Dhaabbatni Mootummoota Gamtoomanii ALAtti bara 2004 fireemwoorkiisaarra kaa'etti yaada bal'aa adeemsa haqa barbaaduu of keessatti hammata.

Haqni ce'umsaa hubaati addunyaan walirratti dhaqqabsiisee wal'aanuuf Waraana Addunyaa lammaffaa booda bal'inaan hojiirra ooluu eegale. Adeemsi haqa barbaaduu kun yeroo baay'ee gaaga'ama waraanaa walqabatuu haqa diriirsuun walqabata.

Gartuu hawaasaa tokko sirna tokko keessatti miidhaan dinagdee, hawaasummaa, siyaasaafi eenyuummarratti xiyyeeffate isarra gahee haqa ce'umsaan wal'aanama jedhanii; keessattuu biyyootni addunyaa mootummaa abbaa irreen bulaa turaniifi gaaga'ama roga maraa keessummeessaa turan haqa ce'uumsaan keessa darbuun nagaasaanii bu'uura jabaarra dhaabuu yaadachiisaniiru.

Biyyoota gaaga'ama hamaa keessaa haqa ce'umsaa diriirsuun tasgabbi roga maraa mirkaneessan keessa Ruwaandaa, Chiilii, Seeraaliyoon, Ispeen, Afriikaa Kibbaafaa akka fakkeenyaatti kaasuu ni danda'ama.

Akka isaan jedhanitti, Itoophiyaan biyya umurii dheeraa qabduu kan mootummoota abbaa irreen bulaa turtedha. Turtii kana keessatti miidhaan sirna sirna keessatti mudate tuulamaa dhufuun biyya qarqara diigumsaan ga'eera. Kun hubatamee marii biyyaalessaa cinatti haqa lammiilee barbaaduuf haqa ce'umsaa hojiitti hiikuuf abbaluun biyyaaf boqonnaa murteessaadha. Haqni ce'umsaa miidhamtoota waan giddu galeeffatuuf miidahama biyyaa illee wal'aanuuf gumaata guddaa qaba.

Oromoon wayita makmaaku "Dhugaan ilmoo waaqaati; bakka dhugaan hin jirre nageenyi hin jiru" kan jedhuuf bakka haqni haqaaqametti nagaa, tasgabbiifi milkaa'inni akka hin jirree ibsuuf kan jedhan Obbo Geetaachoo; Oromoon haqasaa argannaan beenyaa Ormaa illee fudhachuu akka hin feene yaadachiisaniiru.

Addunyaa miidhaafi miidhamaan guttee kana keessatti seenessi "Sabni/simi miidheefi miidhame hin jiru" jedhamu hafee akkuma Oromoon jedhu haqa kennaniin fudhachuun milkaa'ina haqa ce'umsaaf murteessaadha. Biyyootni addunyaa hedduunis waliigaltee tolfachuun miidhamaaf beekantii kennanii beenyaa malee haqa diriirsuu danda'uusaanii ibsaniiru.

Haa ta'u malee, Itoophiyaa biyya haqni haqaaqamuun jibbiinsi sanyummaa gaaga'ama dhalaa jiru keessatti hayyoota tokko tokko dabalatee amma illee seenessi "Miidhaafi miidhamaan hin jiru" jedhu adeemsa haqa barbaaduu waan gufachiisuuf irratti hojjetamuu qaba jedhanii; haqa argamerratti badii guddaa itti yaadamee mudateefis haala sirni itti gaafatamummaa diriirurratti gamanumaan itti yaaduun barbaachisaa akka ta'e dhaamaniiru.



Boqojjii hawata turizimii gochuuf

Finfinnee: Ispoortiin hawaasa tokko keessatti jaalalaafi walitti dhufeenyi gaariin akka uumamuufi aadaan walkabajuu akka cimu gochuu keessatti iddoo guddaa qaba. Akkasumas misoomaafi guddina itti fufiinsa qabu mirkanneessuu keessattis ga'een isaa olaanaadha.

Kanaan walqabate bu'aalee misoomaafi guddina turizimii, akkasumas dhimmoota fayyadamummaasaanii mirkanneessaniif xiyyeeffannaa kenuudhaan barana yeroo 3ffaaf walta'insa Waajjira Fiigicha Olaanaa Itoophiyaafi Ministeera Turizimii Federaalaatiin Fiigichi Olaanaa Boqojjii, Godina Arsii, Magaalaa Boqojiitti gageeffameera.

Ministirri Turizimii Ambaasaaddar Naasisee Caalii Fiigichi Olaanaa Boqojjii Dilbata darbe adeemsifamerratti akka jedhanitti, ispoortiin keessumaa atileetiksiin biyya keenya addunyaarratti beeksisuu keessatti shoora olaanaa taphachaa kan tureefi jiruudha.

Gootota atileetoota keenya Abbabaa Biqilaa, Maammoo Waldee, Isheetu Turaafi Mahaamadi Kadir yoo kaafnee seenaa Olompikii Itoophiyaa kaasun keenya hinoolu jedhu Ambaasaadar Naasiiseen.

Seenaa kana yoo kaafnu waggoota dhihoo as gootota Boqojjii burqan kaasun keenya hindagatamu kan jedhan Ambaasaaritiin, keesumaa Komishinari Gargaartuu Daraartuu Tulluufi Komaandar Faaxumaa Roobaa Itoophiyaa bira taranii Afrikaayyuu dirreewwan olompikiifi shaampiyoonawwan atileetiksii adda addarratti beeksiisuudhaan Boqojiin madda atileetota dubartotaa ciccimoo ta'uus eeraniiru.

Faana saanii bu'uudhaan Ijigaayoo Dibaabaafi obbolaanshee Xirunash Dibaabaafi Ganzabee Dibaabaa akkasumas Gooticha Olompikii,



Ambaasaaddar Naasisee Caalii badhaafamtoota waliin

shaampiyoonaa Atileetiksii Addunyaa, Dorgommii Qaxxaamura biyyaa, Taphawwan Guutuu Afrikaafi Shaampiyoonaa Atileetiksii Afrikaatti leenca yoomiyyuu hindagatamne Qananiisaa Baqqalaa, Quxusu isaa Taarikuu Bqqalalaa horachuudhaan addunyaa ajaa'ib kan jechisiisan biqiltuwwan Boqojjii yaadachuuf qe'ee isaaniiti dorgommii kana yoo qopheesinu gammachuu guddaatu nutti dhagahama jedhu.

Industirii Turizimii babal'isuu keessatti walitti dhufeenya ummataa cimsuuf ispoortiin turizimii meeshaa olaanaadha kan jedhan Ambaasaadar Naasiiseen, gareewwan naannoo Boqojiitti argaman kanneen iddowwan hawata turizimii gochuuf bulchiinsa magaalaa Boqojjii wajjiin kan hojjetan ta'uus himaniiru.

Kantiibaa Magaalaa Boqojjii Aadde Birihaanee Naggasaa gamasaaniitiin akka jedhanitti, Boqojiin iddoo burqaa gootota atileetota biyyaatti. Burqaan kun

akka hingogneef qaamoleen dhimmichi ilaallatu ispoortii atileetiksii babal'isuurratti qindoominaan hojjechuu akka qaban yaadachiisaniiru.

Boqojiin Itoophiyaa bira tartee adunyaarratti kan beekamtu taatus bu'uuraalee misoomaa gahaa kan hinqabne ta'uu himanii, atileetoni gootoni Boqojiifi naannoosheetii burqan kunneenis qabeenyasaanii iddo biraatti dhangalaasu malee ummataasaaniif hintaane.

Magaalaan Boqojjii Finfinneerraa kiiloo meetira 231 Asallaarraa ammoo kiiloo meetira 56 fagaatus daandii dheeraan Aspaaltii ishee qaxxaamuree gara Baalee dhaqa. Teesumni lafa ishee misoomaaf mijataa, haalli qilleensi ishees jireenyaaf baayi'ee kan namaatti tolu qabaattus misoomaaf garuu carra dhabduudha jedhu.

Magaalattiin umrii dheeraa haaqabaatu malee misoomaan baayee duubatti kan hafeedha kan jedhan Aadde Birihaaneen, iddoowwan oolmaa ispoortii, daandiiwwan ganda keessaa,

ibsaafi neetiworkiidhaan rakkoo keessa jirti. Akkasumas Hoteeloota sadarkaasaanii eeggatan tajaajila kenan hinqabdu jedhu.

Bara 2003 Istaadiyoomii ammayyaa sadarkaa isaa eeggate ijaaruuuf pirezidaantiin Oromiyaa duraanii Obbo Abba Duulaa Gammadaatiin dhagaa bu'uura ka'amus bulchinsa magaalaa qofaan hojjechuuf humni waan hinjireef dalaadhaan marfamee taa'aa jiraachuu himu.

Boqojiin maqaa qabdi malee misoomaan duubatti haftuudha kan jedhan kantibattiin, abbootiin qabeenyaa keesumatu ijiooleen naannoosheetii ka'anii addunyaarratti beekamti qaban fulasaanii nutti deebifachuun misoomaaf harkasaanii akka diriirsaniif gaafataniiru.

Akkasumas qaamooleen biroos keessumaa abbootiin qabeenyaa kottaa misoomaaf harka diriirfadhaa. Nu harka bal'ifnee isin simmanaa jechuudhaan waamicha dhiheessaniiru.

Fiigichi Olaanaa Boqojjii marsaa 3ffaaf Dilbata darbe magaalaa Boqojiitti adeemsisamerratti namoonni kuma tokkoofi 500 ol hirmaataniiru. Fiigicha kiiloo meetira 12n atileetoota beektoota dhiiraa jidduutti adeemsisameen bara darbe tokkoffaa kan bahe Addisuu Goobanaa baranas tokkoffaa ba'uun mo'atera. Birihaanuu Fayyeefi Amaan Kadir ammoo lammaffaafi sadaffaa ba'aniiru.

Dorgommii dubartoota jidduutti adeemsisameen Tigisti Dajanee, Maskaram Asaffaafi Adaaneech Masfiin walduraa dubaan tokkoffaadhaa hanga sadaffaatti bahaniiru.

Dorgommii baranaa kanatti koorniyaa lamaanin atileetoni tokkoffaa bahan waancaafi qarshii kuma 25n, lammaffaan qarshii kuma kudhan, sadaffaan ammoo qarshii kuma shan badhaafamaniiru.

Baankiin Daldalaa Itoophiyaa waancaatti dhiyaate

- Arbaaminciifi Itiyoo Elektirikiin piriimeeritti makaman

Finfinnee: Shaampiyoonaan kubbaa miilaa kilaboota liigii piriimeerii Itoophiyaa kan marsaa lammaffaa xumuruuf taphawwan lama lama qofti yeroo isaa hafutti Baankiin Daldalaa Itoophiyaa waancaa fudhachuuf carraan isaa bal'aadha.

Baankiin Daldalaa Itoophiyaa carraa isaa kan bal'ifate wal morkii Sanbata darbe adeemsifametti Faasiil Kanamaa 1-0n mo'achuudhaani. Sadarkaa lammaffaarratti kan argamu Machaal ammoo gara liigii biyyaaleessaatti gadi bu'uuf rara'aa kan jiru bulchinsa Magaalaa Shaashamannee waliin 2-2n adda ba'uun qabxii qoodatee ba'uun caraan waancaa fudhachuuf qabu harkaa ba'eera.

Baankiin Daldalaa Itoophiyaa qabxii 56n liigicha dursaa kan jiru yoo ta'u, Machaal ammoo qabxii 51n sadarkaa lammaffaarratti argama. Haaluma kanaan shaampiyoonaa ta'uuf taphawwan isa hafan lamaan yoo mo'atefi Baankiin Daldalaa ammoo lamaanuu yoo mo'ame malee shaampiyoonaa ta'uu hindanda'u.

Shaampiyoonaa hanga ammaatti adeemsisameetti Shaashamanneen qabxii 14n, Haambaarichoo Duraamee ammoo qabxii saddeetti qofaan sadarkaa 15faafi 16ffaa irratti waan argamaniif yeroomaan gara liigii biyyaaleessaatti kan gadbu'an ta'a.

Iddoosaanii ammoo barana liigii biyyaaleessaa keessa kan turan kilabni bulchiinsa Magaalaa Arbaaminciifi Itiyoo Elektirik gara liigii piriimeeritti makamaniiru.

Kilaboonni lamaan gara liigii piriimeerii Itoophiyaatti kan makaman shaampiyoonaa liigii biyyaaleessaa bara 2016 ramaddii lamaan adeemsisamaa turetti lamaanuu ramaddiisaaniirraa tokkoffaa ta'uudhaani.

Haaluma kanaan kilabonni lamaan walmorkii mo'aa mo'attootaa adeemsisameen Kilabni Arbaaminciifi Itiyoo Elektirik 1-0n mo'achuudhaan abbaa waancaa mo'aa mo'attootaa ta'uun waancaa fudhateera.

Arbaaminci wayita gara naannoosaatti



Abbaa waancaa kan ta'e kilaba Arbaaminci

deebi'u pirezidaantiin naannoo Kibbaa Obbo Xilaahuun Kabbadaa magaalaa walaayittaa Sooddootti argamuun kilabichaaf simanaa godhaniiru. Wayituma kana kilabichaaf qarshii miiliyoona tokkofi Konkolaataa Awutoobiisii badhaasaniiru.

Akkasumas Komishiniin Ispoortii Naannoo Kibbaa kilabicha cimsuuf qarshii miiliyoona walakkaa yoo badhaasu, qaamooleen adda addaas kilabichaaf simanaa gochuufin бага milikiidhan galтан jedhaniiru.